# QAACCESSARAKKOOLEE BARATTOONNIKEEYYATA BARREESSUU IRRATTI UUMANIIFI WANTOOTA GUFUU TA'AN: XIYYEEFFANNOO MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU SADARKAA 2$^{FFAA}$ KUTAA 10$^{FFAA}$

KURII ADMAASUU

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNALIZIMMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

SADAASA 2014/2021

FINFINNEE

# QAACCESSARAKKOOLEE BARATTOONNI KEEYYATA BARREESSUU IRRATTI UUMANIIFI WANTOOTA GUFUU TA’AN: XIYYEEFFANNOO MANA BARUMSAA JENERAAL TAADDASAA BIRRUU SADARKAA 2FFAA KUTAA 10FFAA

GORSAAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO
OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII FINFINNEE
KOLLEEJII NAMUMMAA, QORANNOO
AFAANOOTAA, JORNALIZIMMIIFI QUNNAMTII,
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORIIF

SADAASA, 2014/2021
FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii ittiin guuttachuuf Kurii Admaasuu, mata duree: *QaaccessaRakkoolee Barattoonni Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu irratti Uumaniifi Waantota Gufuu Ta'an: Haala Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa Kutaa 10ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu* Adeemsa Barbaachisu Guutee Dhihaate.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa MallattooGuyyaa

______________________________ _________________ _____________

Qoraa Keessaa Mallattoo Guyyaa

______________________________ _________________ ______________

Gorsaa Mallattoo Guyyaa

______________________________ _________________ ___________

# *Axereeraa*

*Kaayyoon guddaan qorannoon kun adeemsifameef,Rakkoolee barattoonni Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu keessatti uumaniifi wantoota gufuu ta'an adda baasuun qaaccessuudha. Qorannoon kun kan geggeeffame Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Kutaa 10ffaa keessattiidha. Qorannoon kun mala akkamtaafi hammamtaan fayyadamuun hojjatamee jira.Kana malees,maddi ragaa qorannichaabarattoota 40 dareewwan 17 keessaa mala iddattoo carraatiin filatamaniifibarsiisota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan shananuu irraa ragaan funaanamee jira.Akkasumas, qorannoo kana milkeessuuf meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka qormaata keeyyata barreessuu, bargaaffii, afgaaffii fi daawwannaa daree fayyadamuun ragaaleen funaanamanii jiru.Ragaaleen funaanamanis,mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaafi jechaan qaacceffamanii dhihaatanii jiru.Ragaan akka mul'isutti, barattoonni baay'een adeemsa barreessuu keessatti rakkoo sirnaan qubeessuu, hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa barreessuufi keeyyata tokkummaa, wal ta'iinsaafi qindoomina qabu barreessuu irratti hanqina guddaa qabu.Dabalataanis, sababoonni ijoon rakkoolee keeyyata barreessuu: shaakallii dhabuu barattootaa, hanqina tooftaalee barsiisonni fayyadamanii keeyyata barreessuu barsiisan, hanqina yeroo keeyyata barreessuu shaakalsiisuuf kenname, kaka'umsaafi fedhii dhabuu barattootaa fi duub deebiin gahaan kennamuu dhabuudha. Rakkoolee kanneen furuuf, barsiisonni rakkoolee barattoonni uuman addaan baasuun xiyyeeffannoon irratti hojjachuu qabu.Barattootaaf yeroon shaakallii gahaan kennamuufii qaba. Barattoonnis dogoggora sodaachuu dhiisanii, kaka'umsaafi miira barreessuu shaakaluun na fayyada jedhuun ka'anii dandeettii isaanii fooyyeeffachuuqabu.*

# Galata

Duraan dursee, Waaqa Guddaa fayyaafi sammuu qorannoo kana ittiin hojjadhu naa kennee har'aan na gaheef galata galchuun barbaada. Itti aansuun, gorsaafi barsiisaa koo kan ta'an Dr. Dinqeessaa Dheeressaa yeroo hojiifi hojiin alattis gorsaafi yaada bilchaataa naa kennaa turuu isaaniitiif ulfaadhaa jechuun fedha. Inni biraa, abbaa manaa koo 'Abdallaa Goobanaa' yaadaa fi qaamanis jalqabaa hanga dhumaa na wajjiin ta'uun milkaa'ina qorannoo kanaatiif gahee guddaakan taphate onnee koo irraa jaalalaafi kabaja qabuuf ibsuu barbaada. Dabalataan, daa'imman koo lamaan, 'Moonee fi Murtee' yeroon isaan wajjiin dabarsuu qabu dhiiseen qorannicha kana hojjachaa waanan tureef, naaf guddadhaa jedhaan. Itti aansuun, deessee koo kanan baay'ee jaaladhuufi kabaju 'Kololoo Tulluu' bakka abbaafi haadhaas bu'uun bu'aa bahii hedduu keessa darbitee asiin na gahuu isheef, waaqayyoon umrii dheeraafi fayyaa guutuu akka naaf kennuuf ganamaaf galgala gaafadha. Dhuma irratti barattootaafi barsiisota ragaalee adda addaa naaf kennan onnee koo irraa ulfaadhaa jechuun barbaada.

Baafata

Qabiyyee Fuula

*Axereeraa* ... i

Galata ... ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

Seensa ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ... 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 6

1.3.1. Kaayyoon gooroo qorannichaa: ... 6

1.3.2. Kaayyoon gooree qorannichaa ... 6

1.4. Faayidaa Qorannichaa ... 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ... 7

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ... 9

Seensa ... 9

2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee ... 9

2.1.1. Barreessuu ... 9

2.1.2. Keeyyata Barreessuu ... 10

2.1.3. Amaloota Keeyyata Gaarii ... 10

2.1.3.1. Tokkummaa ... 11

2.1.3.2. Walsutuu ... 11

2.1.3.3. Xiyyeeffannoo ... 12

2.1.3.4. Guutummaa ... 13

2.1.3.5. Tartiiba Ijaarsa ... 13

2.1.4. Qaamolee Keeyyataa ... 14

2.1.4.1. Hima Ijoo ... 14

2.1.4.2. Himoota Gargaartuu ... 14

2.1.4.3. Hima Goolabaa ... 15

2.1.5. Haalota Barreessuun Akka Ulfaatu Taasisan ... 15

2.1.5.1. Qophii xiinsammuu ... 16

2.1.5.2. Beekumsa xiinqooqaa ........ 16
2.1.5.3. Rakkoowwan Hubannoo Qabaachuu ........ 17
2.1.6. Rakkoolee Keeyyata Barreessuu keessatti Mudatan ........ 17
2.1.6.1. Dandeettii Qubeessuu ........ 18
2.1.6.2. Fayyadama Sirna Tuqaalee ........ 19
2.1.6.3. Qub-Guddeessatti Haalaan Fayyadamuu ........ 20
2.1.6.4. Rakkoo Hima Sirrii Barreessuu ........ 21
2.1.7. Tooftaalee Ittiin Keeyyata Babal'ifnu ........ 21
2.1.7.1. Seenessuu ........ 21
2.1.7.2. Addeessuu ........ 22
2.1.7.3. Wal bira Qabuu ........ 22
2.1.7.4. Amansiisuu ........ 22
2.1.7.5. Fakkeenya Kennuu ........ 22
2.1.7.6. Sababaafi Bu'aa Ibsuu ........ 23
2.1.8. Tooftaawwan Himoota Gargaartuu Itti Tartiibessinu ........ 23
2.1.9. Gahee Barsiisaa Keeyyata Barreessuu Barsiisuu Keessatti ........ 24
2.1.9.1. Agarsiisuu ........ 25
2.1.9.2. Kakaasuu ........ 25
2.1.9.3. Shaakalsiisuu ........ 25
2.1.9.4. Deebisuu ........ 25
2.1.9.5. Madaaluu ........ 26
2.2 Sakatta'a Qorannoo Wal Fakkii ........ 26
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA ........ 28
Seensa ........ 28
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 28
3.2. Madda Ragaalee ........ 29
3.3 Mala Ragaaleen Ittiin Sassaabaman ........ 29
3.3.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu ........ 30
3.3.2. Bargaaffii ........ 31
3.3.3. Daawwannaa Daree ........ 32
3.3.4. Afgaaffii ........ 32

3.4. Mala Iddatteessuu ........................................................................ 33
3.5. Malleen Qaaccessa Ragaalee ........................................................ 35
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE .............................. 36
Seensa ........................................................................................ 36
4.1. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Keeyyata Barattoonni Barreessan Irraa Argame 36
4.1.1. Xiinxala Qaamolee Keeyyataa ............................................... 36
4.1.1.1. Hima Ijoo Barreessuu ........................................................ 36
4.1.1.2. Himoota Gargaartuu Barreessuu ....................................... 37
4.1.1.3. Hima Goolabaa Barreessuu ............................................... 39
4.1.2. Xiinxala Keeyyata Guddisuu/Babal'isuu ................................ 40
4.1.3. Xiinxala Caas-luga Sirrii Eeganii Barreessuu ....................... 40
4.1.5. Xiinxala Tokkummaa, Wal-qabannaafi Qindoomina Yaadaa ................ 41
4.1.6. Xiinxala Sirnaan Qubeessanii Barreessuu ............................. 42
4.1.7. Fayyadama Sirna Tuqaaleefi Qub-guddeessaa ...................... 43
4.2. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Bargaaffii Barattootaa irraa Sassaabamee .......... 44
4.2.1. Gabatee hammamtaa dogoggora barattoonni uuman agarsiisu. ................ 44
Gabatee 4.4.1. Ragaa Daawwannaa Daree irraa Argame ................................ 52
4.5. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Afgaaffii Barsiisotaaf Qophaa'e irraa Funaaname .. 54
BOQONNAA 5: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.................................. 58
5.1. CUUNFAA ............................................................................... 58
5.2. ARGANNOO ............................................................................. 59
5.3. YABOO ................................................................................... 61
WABII ........................................................................................... 62
DABALEEWWAN ........................................................................... 65

# Qabeentaa Gabateewwanii

4.1.6.1. Gabatee dogoggora qubeessuu barattootaa agarsiisu........................43

4.2.1. Gabatee hammamtaa dogoggora barattoonni uuman agarsiisu ..........44

4.2.2. Gabatee shaakallii keeyyata barreessuu barsiisuu agarsiisuu .............45

4.2.3. Gabatee adeemsa keeyyata barreessuu barsiisuu agarsiisu..................45

4.2.4. Bu'a qabeessummaa tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuubarsiisaa agarsiisu..............................................................46

4.2.5. Gabatee gahee barsiisaa keeyyata barreessuu keessatti agrsiisuu .......46

4.2.6.1 Gabatee wantoota keeyyata barreessuu irratti gufuu ta'an agarsiisu. 47

4.4.1. Ragaa Daawwannaa Daree irraa Argame ..........................................52

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

**Seensa**

Boqonnaa kana keessatti dhimmoonni hammataman ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa,gaaffilee bu'uuraa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa fa'adha.Dhimmoonni kunneen armaan gaditti tartiibaan bal'inaan ibsamaniiru.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Barreessuun dandeettii afaanii gurguddoo arfan keessaa tokko ta'ee ergaa, yaadaafi ilaalchaa karaa ittiin dabarfataniidha.Mala aadaatiin(traditional) afaan baruufi barsiisuu keessatti, barreessuun akka ogummaa lammaffaatti ilaalamaa ture. Akka Silva(1997) keessetti, bara 1950'moota keessa malli dhuunfate ture mala barreessuu caalaa mala afaaniin dubbachuun barsiisuuti. Yaaduma kana kan deegaru, Raimes(1983)tti, bara afaniffaan ergaan darbaa ture keessatti dubbachuun barreessuu caalaa handhuura ta'uun afaan baruufi barsiisuu keessatti hojii irra oolaa ture jedha. Bara sana keessatti barreessuun iddoon guddaan kennamaa waan hin turreef, afaaniin barsiisuuf bakki guddaan kennamaa ture. Yaada kana irraa kan hubatamu, waggoota dheera dura ogummaa barreessuutiif xiyyeeffannoon kennamaa kan hin turre ta'uu isaati.

Adeemsi barreessuu erga jalqabee jaarraa hedduu ta'uu ta'uu dhiisuuyyuu, oolee bubbbulee jira.Brown(2000:218) achii as dhufaatii yaad-rimee barreessuu yoo ibsu, ogummaan barreessuu erga jalqabamee jaarraa fagoo akka hintaaneefi dandeettiin kunis,barreessitootaa, ispeeshaalistootaafi beektota ykn dhaabbata amantiif akka qabeenya dhuunfaa isaan qofaaf kennameetti ilaalamaa ture.Haaluma kanaan,afaan lammaffaa barsiisuu keessattillee dubbii afaanii waraabanii kaa'uuf jecha jaarraa walakkaa dura dandeettiin barreessuu kun kan jalqabameedha jechuun kaa'a. Kun immoo, baroottan darban keessatti ogummaa barreessuutiif xiyyeeffannoon akka kennamaa hin turre mul'isa.

Barreessitoonni hedduun hiika barreessuu haala wal hin faallessinee kaa'anii jiru.Misgaanuun (2011:62) akka ibsetti barreessuun yaadolee sammuu keenya

keessa jiran mallattoolee adda addaatti fayyadamuudhaan waraqaarra kaa'uu akka ta'eerga ibsee booda, mallattoolee kana sirnaan walitti qindeessuu dadhabuun dogongora beekumsa qabiyyee akka jedhamu eeree jira.Akka Reid (1993:116) ibsutti, waraqaarratti kan barreessinu waan sammuu keenya keessatti yaadnudha.Barreessuu jechuun yaaduu, isa yaadaniifi sirritti beekan waraqqaarra kaa'uu jechuudha. Barreessuun hojii dhuunfaa waan ta'eef namni kan barreessu waan dhuunfaa isaatin yaadedha.Thomas(1981:444) yaada kana nideeggaru.Akka yaada hayyoota kanaatti barreessuudhaan duratti qophiin sammuu isa barbaachisa. Kana jechuunimmoo, barreessaan dhimma barreessuuf deemu sanairratti beekumsa qabaachuu qaba jechuu dha.Akka Peter fi William(1996) barreessanitti, Barreessuu jechuun sirna dhaabbiidhaan mallattooletti fayyadamnee osoo dubbataan gidduu hin galin waan dubbachuu barbaannu haala ittiin ibsannuudha.Yaaduma kana kan deeggaru Pincas(1992) akkas jedha, barreessuun sirna mallattoolee qabatamaa ta'e kanneen akka qubeewwanii ykn walitti qindoomina sagaleewwan yeroo dubbannu nuti uumnuun walitti dhufeenyawarreen qaban fayyadamuun ergaa dabarsuu jechuu dha.

Keeyyatni barreeffama adeemsa mata mataa isaa qabu ta'ee, of eeggannoon waan barreeffamuu qabuudha.Akka Stephen Bailey(2011)jedhutti keeyyata jechuun garee himootaa ta'ee yaada ijoo tokko kan ibsuudha. Dheerinni keeyyata tokkoo haala barreeffamichaa irratti kan hundaa'u yoo ta'eeyyuu, himmota afurii hanga shaniitii gadi ta'u hin qabu.Keeyyanni yoo haalaan qindaa'e dubbisaan salphamatti yaada ijoo keeyyatichaa iddoo garagaraatti cabsuun akka hubatu taasisa.Yeroo hunda yoo ta'uu dhiiseeyyuu himni jalqaba irratti dhufu yaada ijoo keeyyatichaa kan ibsu yommuu ta'u, warreen hafan hiikaawwan, fakkenya, sababootaafi yaada cuunfaa ta'a.

Barattoonni afaan baratan, keeyyata yommuu barreessan rakkoolee ogummaa barreessuu kanneen akka seer-lugaa, qubeessuu, sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa ni rakkatu. Akka Heaton(1990) jedhutti, ogummaan barreessuu wal xaxaafi yeroo tokko tokko barsiisuuf kan nama rakkisuudha. Seer-lugaafi dubbii danda'uun qofti barreessuuf gahaa miti.Kanaafuu, barreessuun waan dubbatame fuula waraqaa irra qubsiisuu jechuu osoo hin taane, yaada qindaa'aa bakka barreessaan

hin jirretti ergaa dabarsuu danda’u barreessuu jechuu dha.Akka Kellogg (2008) barreessetti, gocha barreessuu keessatti hirmaachuun akka cheesii (chess) taphachuuti jedha.Kun immookan agarsiisu, yommuu keeyyata barressinu yaada nutti dhufe qofa barreessuu osoo hin taane, yaada ergaa dabarsuu barbaannu bifa qindaa’aafi walitti hidhamiinsa qabuun itti yaadamee barreeffamuu kan qabu ta’uu agarsiisa. Ogummaan barreessuu walxaxaa waan ta’eef, yommuu barsiifamu xiyyeeffannoon addaa itti kennamee tooftaawwan wayitaawaa adda addaa fayyadamuun keessa bahuun murteessaadha.Barattootaaf haalli isaan itti shaakaluu qaban ogummaawwan biroo irraa yeroofi xiyyeeffannoo addaatiin keessa bahamuu qaba.

Dhalli namaa afaan akka afaan dhalootaatti, afaan lammaffaatti ykn afaan alaatti ni barata. Mercer (1998:171) afaan dhalootaa yoo ibsu "Barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin erga dhaggeeffatanii,dubbataniifi dubbisanii booda barreessuu danda'u" jedha.Wasanee (1996) dabalataan, “Adeemsa afaan barachuu keessatti ogummaan barreessuu isa tokkoofi kan bakka guddaa qabuudha.” jedha. Yaada kanarraa kan nuti hubannu,ogummaan barreessuu ogummawwan biroorra baay’ee barbaachisaa ta’uu isaati. Ogummaawwan afaanii keessaa barreessuun ulfaataa ta'uu isaa Grabefi Kaplan (1996:87) akkana jechuun ibsu.Akka McWhorter (1997:45) ibsutti, “Barattoonni ogummaa barreessuu sadarkaa qubeessuu,keeyyata barreessuu hanga barreeffama dheeraatti geggeessuuf unkaafi qabiyyee isaa adda baasanii hin beekan taanaan dogoggora adda addaa uumuu danda'u jedha.”

Yaadidamni keeyyata jedhu yeroo jalqabaatiif kan eegale nama lammii biyya Ingiliizii Bain (1818-1903) dha. Akka yaadiddamichaatti, keeyyata jechuun barreeffama xiqqaa ta’ee himoota hedduu of keessaa kan qabu ta’ee, yaada ijoo tokko irratti xiyyeeffachuun hima ijoon jalqabuun himoota gargaartuun hordofamee hima goolabaan kan guduunfamuudha. Kana irraa kan hubannu, keeyyata tokko barreessuuf ergaa ijoo keeyyatichaa addaan baasuun yaaduma ijoo sana tooftaa garagaraatiin babal’isuudha.

Keeyyata barreessuu jechuun adeemsa barreessuu ittiin eegallu ta'ee, adeemsa muraasa keessa darbamuu qabu kan qabuudha. Akka Alice and Hosue(1997) ibsanitti keeyyata jechuun qindoomina garee himoota wal simanii ta'ee, kan barreessaan dhimma kenname ykn yaada ijoo sana irratti yaada ittiin babal'isuudha.

Mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 2[ffaa] keessatti, akkuma ogummaawwan biroo barreessuunis ni barsiifama. Kitaabilee yeroo ammaa kana qophaa'an keessattis dhimmoonni dandeettii barreessuu cimsan hamma ta'e qophaa'anii jiru.Kun osoo haala kanaan jiru barattoonni mana barumsichaa yeroo baay'ee yaada isaanii qindeessanii barreessuu irratti ni rakkatu. Keeyyanni isaan barreessaa turanis, tokkummaa, qindoominaafi wal ta'iinsa yaadaa kan hin qabneedha. Muuxannoo qorattuun qabduun keeyyanni barattoonnibara kana kutaa 10[ffaa] jiran barreessaa turan hima ijoofi himoota callaa isaanii adda baasuuf nama rakkisa. Baay'een isaanii sirnaan qubeessuu irratti yeroo rakkatan mul'atu.

Walumaagalatti, gilgaalonniifi gochaaleen kanneen akka hojii garee, hojii daree, hojii manaafi abbaltiindhimma barreessuun wal qabatanii jiran yommuu kennamu fuula isaanii irraa gammachuun hin mul'atu. Kun immoo, qabxii isaanii irratti dhiibbaa akka fidaa ture kan agarsiisuudha. Rakkoolee keeyyata barreessuu irratti mul'atan kanneen addaan baasuun fala kaa'uuf, tooftaalee barsiisaan itti gargaaramuun keeyyata barreessuu barsiisu irraa kaa'uun, rakkoolee barattoonni uuman qaccessuun fala ka'uuf qorannoo kana hojjachuuf karoorseen jira.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Namni addunyaa barnootaa keessatti dorgomaa ta'uuf, ergaa isaa bifa qindaa'aa ta'een waan sammuu isaa keessa jiru waraqaa irratti qubsiisuu yoo danda'eedha. Kana gochuuf immoo, barataan har'uma irraa kaasee jecha irraa hanga barreeffama dheeraa barreessuutti bifa qindaa'aa ta'een barreessuu qaba.Kanaaf, sadarkaa kana irratti barataan Afaan Oromootiin keeyyata sirnaan qubeeffameefi qindaa'e barreessuun mirga ta'uuyyuu dirqamas waan of keessaa qabu fakkaata.

Barattoonni osoo keeyyata barreessuu hin eegalin, keeyyanni maal akka ta'eefi wantoota keeyyata tokko barreessuuf barbaachisu sirnaan beekuu qabu. Oshuma fi Hogue (2006) akka ibsanitti, keeyyatni qindoomina himmota wal simanii ta'ee, himoota gosa lama jechuunis hima ijoofi himoota callaa kan of keessaa qabuu dha. Baay'inni himmota callaa keeyyata tokko keessa jiraachuu qabuu murtaa'aa miti, haa ta'uu malee, yaada ijoo keeyyatichaa sirritti ibsuu danda'uu qaba.

Akka Murcia (2000) ibsanitti, barreessuun ogummaa waa uumuu ta'eeti mallattoolee irraa kan ijaaramu yommuu ta'u adeemsa wal xaxaa of keessaa kan qabuu dha. Barreeffama gaarii ijaaruu keessatti, dirqama seer-luga sirrii ta'e, jechoota mijatoo ta'aniifi qindoomina yaadaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaa dha.Akka yaada kana irraa hubatamutti, keeyyata barreessuun of eeggannoo cimaa kan barbaaduufi si'a tokkoon keeyyata qindaa'aa ta'e barreessuun akka hin danda'amne agarsiisa.

Muuxannoo adeemsa baruu-barsiisuu keessatti goonfatameen wantoota mudatuufi dhugaa qabatamaa mana barumsichaa keessatti ijaan mul'atuufi gurraan dhaga'amu bu'uureffachuun, barattoonni mana barumsichaa Afaan Oromoo sirreessuun qindeessanii barreessuu irratti yeroo isaan baay'ee rakkatan biraa geessee jirti.Eegasuu, ijoolleen kunniin Afaan Oromoo afaan tokkoffaa isaanii ta'ee osoo jiru maaliif rakkatu laata wanti jedhu deddeebi'ee boqonnaa ishee dhoorkaa waan tureef, hanqinna barattoota biratti mul'atu kanneeniifi sababoonni isaanii eessa?waan jedhu sana qorannoo kanaan deebisuuf kaka'umsaafi kutannoon hojii keessa galtee jirti.

Mana barumsichaa keessatti yeroo hedduu barsiisonni rakkoon akka barataa biraa jirutti kan kaasan yommuu ta'u, barattoonni tokko tokko immoo yeroo barsiisatti quba qabantu mul'ata.Akkuma Oromoon "Waa malee manni hin aaru" jedhu anis rakkooleen kunniintarii barsiisaan yookiin barataan wal qabataa laata?waan jedhu san adda baasuuf kutannoon qorannoo kana gaggeessitee jirti.  Wantoonni ijoon qorannoon kun akka hojjatamuuf kaka'umsa ta'an: Inni duraa, manni barumsichaa Magaalaa Finfinnee keessatti yeroo jalqabaatiif Afaan Oromootiin barsiisuu kan jalqabe waan ta'eef, rakkooleen jiran adda bahuu qabu. Inni biroo, qorannoon

Afaan Oromootiin rakkoolee keeyyata barreessuun wal qabatee barattoonni uuman adda bahee taa'e dhabamuufi sababni rakkoolee sanneenii qabatamaan ragaan kan deeggaraman dhabamuun qorannoo kana adda taasisa. Dabalataanis, yoomessi qorannichi itti hojjatame mataan isaa warreen biroo irraa as dhihoo ta'uun isaa fooyya'aa godha.

Walumaagalatti, qorannoon kunrakkoolee barattoonni keeyyata barreessuu keessatti uumaniifisababoota isaanii adda baasuuf gaaffileen bu'uuraa deebi'uu qaban isaan gadiiti:

1. Barattoonni keeyyata barreessan keessatti rakkoolee akkamiittu mul'ata?
2. Wantootni keeyyata barreessuu barattootaa irratti gufuu ta'an maal fa'i?
3. Tooftaan barsiisonni mana barumsichaa fayyadamanii barattoota isaanii keeyyata barreessuu shaakalsiisan hammam bu'a qabeessaadha?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1.Kaayyoon gooroo qorannichaa:

Rakkoolee barattoonni yommuu keeyyata barreessan uumaniifi wantoota gufuu ta'an qaaccessuu;

#### 1.3.2.Kaayyoon gooree qorannichaa

1. Rakkoolee barattoonni yommuu keeyyata barreessan uuman adda baasuu;
2. Sababoota adeemsa keeyyata barreessuu ulfaataa taasisan addaan baasuu;
3. Bu'a qabeessummaa tooftaa barsiisonni keeyyata itti barsiisan madaaluu;

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Dhalli namaa karaalee adda addaatiin ergaa isaa dabarfachuu danda'a.Isaan keessaa barreeffamni dhimma yeroo ammaa kana dursi kennameefii sadarkaa garagaraatti hojii irra oolaa jiruudha. Haa ta'uu malee, barreessuun hamma barbaadamu sana ulaagaa isaa guutee hojii irra hin jiru. Afaan Oromoon barreessuun hamma kana rakkisaa yoo ta'uu baateeyyuu, barattoonni baay'een yaada qindeessan barreessuu irratti ni rakkatu waan ta'eef, qorattuun kun dhimma

kana irratti qorannoo hojjachuuf dirqamtee jirte. Qorannoon kun erga hojjatameen booda argannoo isaa irraa qaamolee fayyadamaa ta'an:

1. Barattoota  mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu barataniif;
2. Barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaniifi ollaa
3. Barsiisota dhimma kanaafi kana fakkatan irratti qorannoo hojjachuu barbaadan hundaaf;
4. Namoota qorannoo waa'ee keeyyata barreessuu irratti hojjachuu barbaadaniifi silabasii waa'ee keeyyata barreessuu irratti qopheessuu barbaadaniifi ni fayyada.

Walumaagalatti, qorannichi kun mana barumsichaa irratti hin hojjatamu osoo ta'ee, rakkoon keeyyata barreessuu barattootaa osoo hin furamin hafuu irra darbee qaamoleen bu'aa qorannichaa irraa fayyadamoo ta'an kanneen akka barattootaafi barsiisotaa faayidaa argatan ni dhabu.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa $2^{ffaa}$ keessatti, barattoonni rakkolee kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbisuu, dubbachuufi barreessuutiin yeroo rakkatan ni mul'atu. Ta'us, rakkoolee kanneen irratti si'uma tokkoon qorannoo hojjachuun waan cimuuf, dhimmoota kanneen keessaa kancaalatti barattoonni itti rakkachaa jiran qindeessanii yaada isaanii barressuu dha. Kanaafuu, qorattuun mata duree "QaaccessaRakkoolee Keeyyata Barreessuu irratti Barattoonni Uuman Adda BaasuufiWantoota Gufuu ta'an" jedhu irratti dangeessuun qorannoo kana gaggeessitee jirti. Inni biroo immoo, kutaa bulchiinsa Magaalaa Gullallee keessatti manneen barumsaa sadarkaa  $2^{ffaa}$ jiran keessaa Manni Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa $10^{ffaa}$tti sababni daangeffameef,haala itti dhiheenyaa, manni barumsichaa haara ta'uufi Afaan Oromootiin kan barsiisu kutaa bulchiinsa magaalichaa keessaa isa qofa waan ta'eef, muuxannoo qabdu bu'uureffachuun mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa $2^{ffaa}$kutaa $10^{ffaa}$ filachuuf dirqamtee jirti.

Mana barumsichaa keessatti kutaa 9ffaa, $10^{ffaa}$, $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$tu argama.Kutaawwan jiran hunda irratti hojjachuuf yeroon jiruufi leecallon jirus gahaa waan hin taaneef, kutaa $10^{ffaa}$tti daangessitee jirti.Sababni kutaan $10^{ffaa}$ filatameef keessaa inni ijoon, qorattuuun bara 2011 A.L.I kutaa 7ffaa (warreen amma kutaa $10^{ffaa}$ keessa barachaa jiran barsiisaa waan turteef,keeyyata barreessuu irratti maal akka isaan fakkatan waan hubannoo qabduuf, kutaalee jiran caalaa kutaa $10^{ffaa}$f dursa kennitee jirti. Baay'inni daree jiruu 17 dha. Dareewwan 17 jiran keessaa dhibbeentaadhaan fudhachuun ni danda'ama; haata'uu malee, barsiisonni jiran nama shan qofa waan ta'aniif, akka ragaan sassaabamu wal simatuuf daree lama lama barsiisonni seenan keessaa tokko tokko qofa bargaaffiif barattoota daree shananii keessaa%30jechuun barattoota 40 (afurtama) irratti hojjatamee jira.Barsiisonni kutaa $10^{ffaa}$ Afaan Oromoo barsiisan hunda (barsiisonni shananuu) fudhatamanii jiru.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Kitaabileen wabiifi qorannoo wal fakkii dhimma keeyyata Afaan Oromootiin barreessuun wal qabatee jirugahaan dhabamuun hamma tokko rakkoo ta'ee mul'atee jira.Itti aansuun, sababa dhukkuba daddarbaa COVID-19/ Koronaa vaayirasiin wal qabateen, yeroon qorannoon kun itti xumuramuu danda'u dheerachuun baajanni gahaan osoo gadi hin dhiifamin hafuun rakkoo ture.

Baajatni gahaan dhabamuun rakkoolee biro kanneen akka rakkoo dhaggeeffachuu barsiisuu, dubbisuu barsiisuu fa'a osoo jiran, rakkoo ijoo dursa furamuu qabu qofa irratti bu'uureffachuun hojjachuuf dirqamtee jirti.Hanqinnoota olitti eeraman kanneen hunda kutannoofi murannoo qorattuutiin keessa bahamee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

**Seensa**

Boqonnaa kana jalatti dhimmoonni gurguddoon barreessuun wal qabatee jiru kanneen akka yaad-rimee barreessuu, yaad-rimee keeyyata barreessuu, faayidaa barreessuu, gosoota dalagaa barreessuu, haalota barreessuu ulfaataa taasisan, rakkoolee keeyyata barreessuu keessatti mudatan, amaloota keeyyata gaarii, qaamolee keeyyataa, tooftaalee keeyyata guddisuu, gosoota keeyyataafi qorannoon wal fakkii fa’a haala armaan gadii kanaan ibsamee jira.

## 2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee

### 2.1.1. Barreessuu

Barreessuu jechuun ogummaawwan afaanii arfan keessaa isa tokkoo dha. Ogummichi kun yaada, ilaalcha, miira namatti dhagahamu ittiin ibsachuuf nu garagaara. Barreessuu keessatti barattootni dandeettii, miira, amantii, ilaalchaafi sona isaanii waliif dabarsuu ni guddifatu. Akka Kern (2000) ibsutti, barreessuun karaa ittiin yaada wal jijjiiran ta’ee, barattoonni addunyaa mataa isaanii uumanii dha.Kana jechuun, barreessuu keessatti barattoonni yaada, miiraafi muuxannoo isaanii karaa ittiin amansiisanii dabarsanii dha.Kaayyoon barreessuu inni guddaan odeeffannoo dabarsuudhaaf.Meyers (2005) akka jedhutti, barreessuun gocha. (Writing is an action). Kana jechuun jalqabaaf yoo waa barreessinu, sammuu keenya keessatti waan gochuu (barreessuu) barbaannu sana sammuu keenya keessaa qabna jechuu dha. Barreessuun gocha waan ta’eef, erga barreessineen booda dogoggora jiru irra deebinee kan sirreessinu ta’uun, barreessuun gocha ta’uu agarsiisa.

Heaton (1990) akka ibsetti, ogummaan barreessuu wal xaxaafi yeroo tokko tokko barsiisuuf nama rakkisa. Sababni isaas seer-lugaafi dhimmota tokko tokko qofa osoo hin taane, yaad-rimeefi caacculee biroo beekuun barbaachisaa dha.Barreessuun inni dhugaa sirna tuqaaleefi qubeewwan qindeessuu danda’uu dha. Yaaduma kana kan deeggaru, qorataan tokko Kellogg (2008) akka jedhutti, barreesssuu keessatti qooda fudhachuun akka nama cheesii taphatuuti waan ta’eef

sirritti itti yaaduu barbaachisaa jedha. Zemach, D.(2005) akka kaa'eetti, yommuu barreessinu, nama jechoota qindeessuun himoota barreessu caalaa hojjachuu qabna jedha. Yaada kana irraa kan hubachuun danda'amu, barreessuu jechuun jechootuma walitti fidanii waan namatti dhaga'amu hunda waraqaa irratti garagalchuu akka hin taane agarsiisa. Kun kan agarsiisu, barreessuu jechuun seeraafi adeemsa keessa darbuu qabu qaba jechuu dha. Keessattuu ogummaawwan biro irraa kan adda isa godhu, si'a tokko barreeffamee darbe taanaan akka dubbii afaanii sanatti salphatti sirreessuun waan hin danda'amneef sirritti itti yaaduun irra deebi'amee ilaalamuu qaba.

### 2.1.2.Keeyyata Barreessuu

Keeyyannikan barreeffamuuf, dubbisaan odeeffannoo murtaa'aa tokko waan barreeffame irraa akka argatuufii dha. Oshima and Hosue (1997) yommuu ibsu, keeyyata jechuun walitti dhufeenya himoota wal simanii ta'ee kan barreessaan tokko mata duree tokko irratti yaada ittiin guddisuu dha. Maalummaa keeyyataa ilaalchisee Geetaachoo(2005), keeyyata jechuun himoonni haala seera qabeessa ta'een yaada handhuuraa tokko dabarsan irraa kan ijaaramu jechuudha. Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu, yeroo baay'ee jechi jalqabaa bitaa gara mirgaatti xiqqoo keessa galee barreeffama.Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu duraa duuba gochaa eeguun barreeffama. Kana malees, keeyyanni tokko daangaa yaada handhuuraa ta'eeti, jechoota dhibba(himoota 7-10) kan qabu ta'uu danda'a.

Akka Addunyaan( 2018) ibsutti, keeyyanni sadarkaalee ogummaa barreessuu itti guddifatan keesssaa isa tokkoo dha. Ogummaa keeyyata gaarii tokko barreessuu kan goonfachiisu ogummaa keeyyata barreessuu irratti qabaachuun barbaachisaa dha. Mata duree barreessinu irratti odeeffannoo ifaafi gabaabaa ta'e dhiyeessuun hubannoo keenya cimsa. Keeyyanni tuuta himootaa kan yaada handuuraa ta'e tokko babal'isuufi ibsuu ta'ee seeraan kan qindaa'aniidha.

### 2.1.3. Amaloota Keeyyata Gaarii

Keeyyanni tokko keeyyata gaarii kan jedhamu ulaagaa keeyyanni tokko guutuu qabu guutee ergaa barbaadamu haala barbaadameen dabarsuu yoo danda'ee dha.

Kelly (1998:2) akkajedhutti, barreeffama gaarii jechuun haala fudhatamaa ta'eefi haala dubbisan hubachuu danda'utti kan yaadni namaa barreeffaman ibsamudha. Amaloota barreeffama gaarii sirriitti hubachuuf yaada garaagaraa hayyoonni tuqan akka armaan gaditti kaa'amee jira. Diyanifi Pat (1998:4) Amaloota barreeffama gaarii yoo ibsan, barreeffamni tokko barreeffama gaarii jedhamuuf, amaloonni armaa gadii qabaachuu qaba. Isaanis: tokkummaa, walqabatiinsa yaada, xiyyeeffannoo,guutummaafi tartiiba ijaarsaa keeyyataa qabaachuudha.

### 2.1.3.1. Tokkummaa

Keeyyanni tokko yommuu barreeffamu yaada tokko irratti kan bu'uureffateefi wal dubbisaa deemuu qaba. Siisaay (2008:10) Crimmon (1963) waabeffachuun, "Barreeffamni tokkummaa qabu, barreeffama yaanni ijoo isaa ifa ta'ee dhihaatedha.Himni ijoon kunis, akkuma keeyyata keessatti bakka garaagaraatti galu barreeffama keessattis, bakka garaagaraattii galuu danda'a.Barruun tokkummaa qabu, dubbistoota isaa hin rakkisu jechuun ibsite.Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dubbisan haala salphaa ta'een hubatu.Kana jechuun, keeyyata tokko irraa gara keeyyata birootti akka'ame isaan taasisa. Garuu barruun tokkummaa hin qabne dubbisuudhaaf nama rakkisa kanamalees, dubbistoonni yaada barreeffamicha akka hin hubanne taasisa. Dabalataan, keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jennuu, yaanni ijoofi himoonni gagaartuu yaada walfakkaatu waliin yoo ibsani dha.Yaada kana Addunyaan (2014:149)

> *"Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaada hima ijoo keessatti dhiyaate himoonni gargaartuufi himni goolabaan yoo waltumsanidha. Tumsi himoota keeyyata tokko ijaaranii kun immoo, ergaa darbuu sanaaf human ta'a.Tokkummaan humna kan jedhamus qabata kanaani.Keeyyanni tokkummaa hin qabne ergaa barbaachisuu dabarsuuf humna dhabuurra taree dubbistoota nufffisiisa"jechuun ibseera."*

### 2.1.3.2. Walsutuu

Barreeffamni tokko yommuu barreeffamu yaadoleen keeyyaticha keessatti ibsaman wal ta'uumsa qabaachuu qabu. Walta'umsa qabaachuun keeyyata tokkoo

kan beekamu himni gargaartuun hima ijoo keeyyata tokko yoo ibsaniidha. Akka Addunyaan (2018) jedhutti, wal hidhiinsi shoora waliingaan jechoota, gaaleewwan, himootaafi yaadolee keeyyata tokko ijaaran keessatti taphatu illallata.Waliigoota kana keessaa muraasni qabsiistuu, bamaqaa, tuqaaleefi irra deddeebii jechoota ijoo ta’anii ta’u.

Yaaduma kana Geetachoo (2009:124) wal ta’iinsa keeyyataa yommuu ibsu, keeyyanni tokko walta’umsa qaba kan jedhamu, himmoonni keeyyaticha keessaa kan walitti rarra’an ta’ee yaadaan walqabatee kan deemu yoo ta’edha.Walta’umsa keeyyata tokko eeguuf, (a) Walqabsiistotatti fayyadamuu….walqabsiistonni kunis, keeyyata keessatti yaada dabalataa agarsiisuuf, yeroo agarsiisuuf, yaada sanaaf xiyyeeffannoo kennuuf, fakkeenya kennuuf, yaada walitti qabuufi waan kana fakkaataniif fayyadu. (b) Tartiiba qabatamaan ka’uu. Tartiiba qabatamaa yoo jennu, tartiiba yeroo, tartiiba bakkaa yookiin gocha raawwatamuun ta’uu ni danda’ajechuun ibseera.

#### 2.1.3.3. Xiyyeeffannoo

Keeyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yemmuu jedhamu himoonni callaan, hima ijoo keeyyatichaan ibsamuun yoo tarreeffamaniidha Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamicha walduraaduuban barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha, (Kellyfi Lawton 2006) Akkasumas,keeyyata barreeffama keessatti himoonni ijoofi himoonni gargaartuu dhaamsa keeyyatichi dabarsuu barbaade irratti xiyyeeffachuun baraa’uuqabu.Haaluma walfakaatuun, Geetaachoo (2009:125),

> *“Keeyyata barreeffamu tokko keessatti yaada irrratti xiyyeeffatamu yookiin dabarsuu barbaadame jalqaba yookiin xumura keeyyataa irratti kaa’uun xiyyeeffannoo akka argatu gochuun ni danda’ama.Kanamalees, yaadota adda addaa walitti cimdeessuun tokkummaa yookiin garaagarummaa isaan qabaniinfi yaada yaa’uun xiyyeeffannoo argamsiisuu dandeenya jechuun addeesseera.”*

### 2.1.3.4. Guutummaa

Barreeffama tokko yommuu barreessinu, guutummaan barreeffamicha waan gaarii jechisiisu keessaa isa tokko waan ta'eef hafuu hin qabu.Kanuma ilaalchisee, Kellyfi Lawton (2006).Guutummaa barreeffama yoo ibsan, jechoonni, himoonnifi keeyyattoonni barbaachisoo hin taaneyookiin hiikni isaanii ifa hin taane keeyyaticha yookiin barreeffamicha keessa yoo hin jiraanneedha.Addunyaa (2018: 150-51) akka ibsutti, guutummaan keeyyata tokkoo eegamuun galma gahuu ergaa dabarsuu barbaanne tokkootiif gummaacha guddaa taasisa.Kana jechuun yaadni hima ijoo keessatti dhiyaatu tokko ibsamee fakkeenya barbaachisuun deeggarmee xumuramuu qaba.Kana ta'uu baannaan, qaawwaa tokko uumuun hubannaafi miidhaginatti gufuu ta'a.Dimshaashumatti keeyyanni gaariin tokko yaada ijoo tokko irratti hubannoo barbaachisu dubbistoota biraan gahuuf tokkumman, wal hidhiinsi, tartiibniifi guutummaan isaa eegamuu qaba.

### 2.1.3.5. Tartiiba Ijaarsa

Keeyyanni ykn barreeffamni yeroo barreeffamu tartiiba ijaarsa isaa eegee barreeffamu qaba. Addunyaan (2014:150)

> *"Tartiibnis, ulaagaa keeyyataa keessaa isa tokko ta'ee, haala odeeffannoo keeyyata tokko keessatti dhiyaatuu kan ilaallatudha.Odeeffannoon keeyyata keessatti dhiyaatu garamii garami qaba.Kun ammoo, bakkaan, yeroodhaan, faayidaa fi wkfta'uu danda'a.Keeyanni tokko garamii bakka bu'uureffachuun bitaadha gara mirgaatti, akkasumas, irra gara jalaatti ibsuun dhiyeessuu danda'a. Garamii yeroo hordofuun keeyyanni barreeffamu immoo waan dura ta'e tokko irraa eegaluun gara isa boodaatti ibsaa deemuu danda'a.Keeyyanni tartiiba faayidaa bu'uureffachuun tokkos,isa faayidaa guddaa qabu tokko dura fiduun gara isa faayidaan isaa muraasa ta'eetti ibsaa deema jechuun kaa'ee."*

### 2.1.4. Qaamolee Keeyyataa

Himoota keeyyata tokko ijaaran tajaajila isaanii irratti hundaa'uun himaa ijoo, hima gargaartuu, hima goolabaa jechuun bakka saditti qooduun ni danda'ama.Addunyaan (2018) hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa haala gadii kanaan kaa'a.

#### 2.1.4.1. Hima Ijoo

Himni ijoo yaada haandhuura ta'eefi dimshaashummaa qabu tokko kan dhiyeessuu dha. Himni kun gara jalqabaatti ykn gara gidduutti ykn gara dhumaatti argamuu danda'a.Haa ta'uu malee, himni ijoon keeyyata tokkoo jalqabaafi dhuma irratti argamuu danda'a jedhu (Misgaanuu 2011;39, Geetaachoo 2005;130; Wasanee2004;197). Akka Addunyaa(2011;147) jedhutti, Yaanni kun hubannoon waan qabame hin fakkaatu. Qabanni isaa himni ijoon jalqabaafi dhuma irratti jira jechuun keeyyanni tokko himoota ijoo lama qaba jechuu irraa adda miti.Kun immoo, ulaagaa keeyyataa miti.Barreessaan gaariinis keeyyata tokko keessatti yaada wiirtuu ta'e tokkoo ol hin dhiyeessu. Akka qabataatti yaanni barreessitoonni hima ijoo tokko jalqabaafi dhuma irra kaa'an dhiyeessan isa jalqaba irratti dhiyaate inni dhumaarraa bifa biraatiin dhiyeessuun cimsa kan jedhuu dha. Kun immoo gahee hima goolabaa waan ta'eef, namoota gadi fageessanii ilaalan amansiisuu hin danda'u.Yaanni hima ijoo keessatti dhiyaatus yaada himoota gargaartuun dhiyaatu too'achuu qaba. Kana jechuun, dubbisaan tokko hima ijoo keeyata tokkoo ilaalee himoonni ijoon keeyyaticha irraa maal ta'uu akka qaban addaan baafachuu qaba jechuudha.

#### 2.1.4.2. Himoota Gargaartuu

Himoonni gargaartuun yaada handhuura ta'e tokko karaa adda addaatiin babal'suu, ibsuu, qoqqooduu, fakkeenyaan deegaruufi kkf, raawwachuuf kanneen keeyyata tokko keessatti dhiyaataniidha.Himoonni kunniin murtaa'ummaa waan qabaniif, yaada ijoo hima ijoo keessatti dhiyaate yaada murtaa'aa tokko dhiyeessu. Fakkeenyaf, keeyyata tokko keessatti himoota gargaartuu shan qabna yoo ta'e, yaadolee murtaa'oo shan dhiyeessine jechuudha. Baayinni himoota gargaartuu keeyyata tokko keessaas hanga baay'ina yaadolee yaada ijoo tokko

babal’suuf dhiyaataniiti.Gargaartonni himoota gargaartuus keeyyata tokko keessatti argamuu danda’u.Kana jechuun, himoota gargaartuu kanneen yaada isaanii caalatti ifa taasisaniin deeggarmuu danda’u.Gargaatrummaan himoota kanneen yaada issan caalatti ifa taasisaniin deeggaramuu danda’a. Gargaartummaan himoota kanneenii isa ijoo osoo hin taane kan warra gargaartuu ta’aniiti jechuudha.

### 2.1.4.3. Hima Goolabaa

Hima goolabaan yaada dimshaashaa hima ijootiin tuqame, yaadolee murtaa’oo himoota gargaartuutiin dhiyaatan cuunfee dhiyeessa. Hima goolabaa kan jedhames cuunfaa kana qabatee gara dhumaatti waan argamuuf. Yeroo baay’ee jechoota ykn gaaleewwan dimshaahumatti, gabaabumatti, walumaagalatti, qabata kanaan, kanaafuufi kkf jedhanitti dhimma baha.

### 2.1.5.Haalota Barreessuun Akka Ulfaatu Taasisan

Akka hayyoonni garagaraa ibsanitti ogummaan barreessuu barachuuchifis ta’ee barsiisuuf baay’ee rakkisaa dha. Rakkoolee gurguddoo barreessuun wal qabatanii jiran Shanghness (1979:41), yommuu ibsu

> “*the major difficulties of students' writing are related to hand writing and punctuation, syntax, common errors (i.e. problems in the inflection of regular verbs and nouns, subject verb agreement and the use of articles), spelling, vocabulary and beyond the sentences, ( i,e problems in presenting and elaborating of a central idea) (1979:41).”*

Yaada kana irraa kan hubannu, rakkooleen barreessuu keessatti barattoota irratti mul’atan barreeffama harkaa, sirnaan qubeessuu, seerluga afaan sanaa eeganii barreessuu, himoota walitti qindeessuun ergaa barbaadan dabarfachuu irratti akka rakkatan agarsiisa.

Dabalataan, Byrne (1988) akka ibsutti, barreessuun namoota afaan dhalootaatiin barreessanis ta'ee afaan lammaffaan barreessanitti ni ulfaata jedha. Rakkoolee barreessuu ulfaata taasisan kanneen bakka gurguddaa saditti qooduun

kaa’a.Isaanis: Rakkowwan xiinsammuu, rakkoowwan xiinqooqaafi rakkowwan hubannoo jedhamu.

### 2.1.5.1.Qophii xiinsammuu

Yammuu barreessinu namni dubbisaa keenya ta'e waan nu bira hin jirreef haala ittiin dogoggora keenya sirreessinu hin qabnu.Kanaafuu, dubbisaan keenya gaaffii sammuu isaa keessatti uumamuuf deebii atattamaa argachuu hin danda'u.Waa’ee rakkoo kanaa dubbii afaaniifi barreeffama walbira qabuun ibsuuf yaalameera. Yaaduma kana ilaalchisee, Shimallis(2007) Byrne(1988) wabeeffachuun akkas jedha, “dubbiin afaanii walqunnamtii jiddu-galeessa sirriifi uumamaan yeroo hedduu ittigargaaramu dha.Yeroo kana, dubbataanis ta’e dhaggeeffataan qaamaan walbiratti argamuun yookiin sagalee dhaggeeffachuun yaad deebii ta’e tokko walii kennuun wal sirreessuun ni danda’ama.Barreessuun garuu, gochaa sirriitti xiyyeeffannoo barbaaduufi ofii keenya qofa teenyee barreessuuf qunnamtii nama biroo fi yaad-deebii tokko malee waan raawwatuufidha. Kun immoo, dandeettii barreessuu namootaa irratti hanqina uumuu danda’a yookiin ulfaataa ta’uu danda’a.”

### 2.1.5.2.Beekumsa xiinqooqaa

Ogummaa barreessuu keessatti waa'ee rakkowwan xiinqooqaa yammuu kaasnu, jecha irraa kaasee hanga barruu olaanaatti qindoominni ni barbaachisa.Kana malees, barreeffamni keenya barbaachisa.Kanarraa kan hubannu, yammuu barreessinu saffisaan kan barreessinu yoo ta'e dogoggorri hedduun akka nu quunnamuu dha. Rabirraa (2009) yoo ibsu, ‘barreessaan waa'ee waan barreessuu barbaadee filatee akka dubbisaan fakkii waan dubbisaa jiruu sammuu isaa keessatti argu gochuutu irraa eegama.” Kana jechuun dubbisaan tokko wanta barreeffame sana irratti hundaa’uudhaan ergaa namicha barreesse sanaa hubachuutu irra jira jechuudha.Ta’uu baannaan barreeffamni sun barreeffama ga’umsa qabuudha jechuun hin dandaa’amu.

Walumaagalatti, barreessaan qubee sirrii ta’eefi jechoota barbaachisoo, himoota qindaa’anii fi ifa ta’anii, keeyyatoota ulaagaa isaanii eegatanii barreeffaman

yookiin ulaagaa gaarii qabanitti gargaaramee barreessuun irraa eegama. Itti dabalees, sirna tuqaaleefi walqabsiistota adda addaa bakka barbaachisaa ta’etti gargaaramuun haala walta‘umsa qabuun qindeessee ka a’uun barreessutu isa irraa eegama,(Byrne, 1988)

### 2.1.5.3.Rakkoowwan Hubannoo Qabaachuu

Ogummaan barreessuu ogummaawwan afaanii afran jiran keessaa kan xiqqoo itti fayyadamnuudha. Kana jechuun, yeroo hunda carraan nuti barreeffamatti fayyadamuuf qabnu baaay’ee akka hin taane nutty agarsiisa.Barreessuudhaaf qalamaafi waraqaa walsimsiisuudha.Yeroo tokko tokko immoo, wanti barreessuu barbaannu akka feenetti nuuf dhufuu dhiisuu danda'a.Elbow (2000) akka ibsetti,ulfaatina dandeettii barreessuuf ka'umsi isaa namootuma bira akka jirutti eera. Barreessuu kan baratamu qajeelfama keessa darbu qaba.Innis, mana barumsaatti haala barnoota idileetiin kan baratamuudha. Unki barreeffama tokkoo baratamuuf to’atamuu qaba. Barreessuun hojii ulfaataa kan ta’eef,rakkoo xinsammuu qofa osoo hintaane,rakkoo qabiyyee ykn waan jechuu barbaanne sana filachuuf yaadoleen harca’anii hafan hundi rakkoo barreessaa hundaati.

### 2.1.6.Rakkoolee Keeyyata Barreessuu keessatti Mudatan

Adeemsa barreessuu keessatti, rakkoo heddutu nama mudachuu danda’a. Rakkooleen kunniin kan uumamuu danda’an sababoota adda addaatiin ta’uu danda’a. Baye (1984:4) waa’ee rakkoo barreessuu yommu ibsu, kanaan duraa barnoonni afaanii seerluga irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u kan amma garuu, ogummaawwan yookiin dandeettiiwwan irratti akka xiyyeeffate ibse. Haata’uu malee, yeroo har’aa kana barattoonni sirnaan qindeessanii barreessuu irratti baay’ee rakkatu.

Barreeffama barreeffamu keessatti rakkooleen tokko namoota Afaan Oromoo beekaniifi hin birattis ni uumama. Tafarii (1998: 32) akka jedhutti “Afaan Oromoo dubbachuu beekuufi seera isaa beekaanii barreessuurratti namoota afaanicha hin beekne qofa osoo hin taane namoota afaanicha beekanii ittiin baratan, ittiin hojjetanitu dogoggora uumuun barreessa.” jedha. Yaadichi kun kan

agarsiisu Afaan Oromoo ni beekna jennee afaan guutnee dubbachuuf, dubbachuun ykn barreessuun qofti gahaa akka hin taane agarsiisa. Keessattuu, barreessuu beekna kan jennu yoo waan yaadne sana bifa qindaa'aa ta'een ergaa barbaadamu dabarse qofaa dha. Fedhaa (1999: 85**)** irraa, "Rakkoolee barreessuu namootaa yeroo baay'ee sirna tuqaalee, qubeessuu caasaa afaanii yookiin seera afaanichaa eeguu dhabuu dha," jedha.Kunis jechoota walitti qindeessuun waan guutumuu qabu hunda guutuun ergaa dabarsuu akka qabu amul'isa.

**2.1.6.1.Dandeettii Qubeessuu**

Barreeffamni barraaʿu tokko qubee sirriin hin barreeffamu taanan barreeffamni dhiyaatu sun dhaamsa yaada barbaadame sana jijjiira.Sirriitti barreessuun ykn qubeessuun walqunnamtii sirrii raawwachuuf kanneenolaanaadha. Kana ilaalchisuun, Clarkfi warra biroo (1994:51) akka itti aanutti ibsu,"One of the keys to succeful communication is correct spelling. In writing is placed word can detract the reader from content of the message and cause misunderstanding incorrect spelling may also cause embarrassment because it lowers the writer's image in the reader's mind. Proper spelling, there for, is basic to effective communication," jedhu.Yaada kanarraa akka hubatamutti walqunnamtii barreeffaman taasifamuuf sirriitti qubeessuun iddoo olaanaa kan qabuyoʿuta, dogoggorri kanaan uumamu ergaa barbaadame karaaatti hnbisuu caalaa barreessaa kan qeeqsisuʿutasaati. Kanaafuu, qubee sirrii fa yyadamuun barreessuun walqunnamtii barreeffaman taasifamu keessatti murteessaa taʿuusaa mirkaneessa.Akkasumas, Fedhaan (1999:85) akkas jedha, "Rakkoo barreessuu keessatti dhimma qubeessuun walqabatee mul'atu keessaa dheeressuu, gabaabsuu, laaffisuufi jabeessuun barreessuun isa tokko dha.Kunis, haala hin barbaachiifneen yoo dheeratee, gabbaabate, laafee fi jabaate ergaan barreeffamaa jallachuu danda'a yookiin yaada ergichi qabaate irraa gadi lakkisuu danda'a.Akkasumas, dhaamsa dabarsuu barbaadame dhiisee hiika biroo kennuu danda'a.Kun immoo, ergaa dabarsuu irratti dhiibbaa guddaa qaba jechuun bal'inaan ibseera."

Dabalatanis, Marsen sky (2003:105) yoo cimsu, "The best way to improve your spelling is to read, read and read. Amore systematic method is to focus on words

that you repeatedly miss per. Memorize their spelling and practice writing sentences with this words. As a writer, it is not that minor problem for writers it shows as that you are at bestsloppy at worst, illiterate," jedhu.Akka yaada hayyoota kanneeniitti, dandeettiin barreessuu akka dandeettiiwwan kanneen biroo salphaa ta‟uu baatus, namni tokko madda rakkoo isaa sana addaan baasee beekuufi irradeddeebi‟iee dubbisuun jechoota barreessf itti ulfaatan irratti xiyyeeffachuun sammuutti qabachuufi irra deddeebi'ee barreessuu shaakaluun mala gaarii akka ta‟ee ibsu. Kanaafuu, jechas ta‟ee, hima ergaa guutuufi sirrii ta'e barreessuf, duraan dursanii sirna barreeffama afaanichaa eeguunqubeessuu ykn barreessuu shaakaluun barbaachisaadha.

**2.1.6.2.Fayyadama Sirna Tuqaalee**

Rakkoo barreeffama keessatti mul'atu inni biroon immoo itti fayyadama sirna tuqalee dha. Sirna tuqaalee kan fayyadamnu barreeffama keessattidha.Akaakuu sirna tuqaalee garaagaraas bakka adda addaatti barreeffama keessatti fayyadamna. Sirni tuqaalee barreeffama kamiyyuu keessatti murteessa waan ta‟eef keessaa hafuu hin danda'u.Kanaafuu, haalaan bakka barbaachisuutti itti fayyadamuun barreessuu baanaan dhaamsi darbuu barbaadame hin hubatamu. Sirna tuqaalee ilaalchisee Richard (1990:840 akkas jedha, "Punctuation is the act of punctuating a piece of writing; without any punctuation is difficult to understand," jedha. Akka yaada barreessa kanaatti, sirni tuqaalee gocha barreeffama tokko keessatti sirna tuqaalee tuqeessuun kan agarsiifamudha. Barreeffamni tokko sirna tuqaalee malee ergaa isaa hubachuun akka hin danda‟e hubachiisa Akkasumas, Geetaachoo (2009: 157) irraa, "Sirni tuqaalee mallattoolee jechaa yookiin barreeffama Afaan Oromoo keessa galani dha,"jedha. Haaluma walfakkaatuun, Adduunyaa (2014:134) akkas jedha,

> *Tuqaaleen mallattoowwan barreeffama keessatti iddoo olaanaa qabu dha.Yoomii fi eessatti tuqaaleetti fayyadamnurratti beekumsi qabnu ergaa barreeffaman dabarsuu barbannuu irratti dhiibba guddaa geessissa. Kana jechuun, haalaan dhimma itti bahuun dhiibbaa eeyyenta kan agarsiisuuf ergicha hubachuu akka saffisiisu yoo taasisu, haalaan*

*itti fayyadamu dhadhabuun garuu dhiibbaa hi'eentaa kan qabuu fi ergaa dabarsuu feenus maqsuu danda'a jechuun ibseeraa.*

**2.1.6.3.Qub-Guddeessatti Haalaan Fayyadamuu**

Barreeffama kamiinuu yommuu barreessinu bakka barbaachisaa ta'e kamittuu qub-guddeessaa fayyadamuun baay'ee barbaachisaa dha. Yaaduma kana yommuu ibsu, Kroll (1991) claims that

> "Capital letters are useful for sentences initials, the beginning of important words, in topics, headings, etc.However, students have problems in using capitalization properly. There are reasons for students' problems in using proper capitalization." "The rules of capitalization are not universal and classifying nouns as a proper and common noun is difficult for students."

Yaada kana irraa kan hubatamu, qub-guddeessaan kan dhufu jalqaba himootaa, jechoota barbaachisoo kanneen akka mata duree, maqaa fa'a irratti galuu akka qabnu agarsiisa. Barattoonni baa'een qub-guddeessaa eeganii barreessuu irratti akka rakkatan ibsa.

Qub-guddeessi barreeffama tokko keessatti baay'ee barbaachisaadha. Qub-guddeessa sirna barreeffama keessatti seera barreeffama guutuuf kan itti fayyadamnudha.kana ilaalchisee Geetaachoo (2009; 163) irraa, "Qub-guddeessi kun jechoota qubee fi guddaa kan jedhamu irra kan uumame dha. Qub-guddeessi barreeffama keessatti tajaajila adda addaa ni kenna. (a), Jalqaba hima fi bo'oo walalootti. (b), Maqaalee waamamsaa:- maqaalee namootaa, maqaalee bakka, biyyaa, magaalotaa fi naannoo maqalee sabafi sablamootaa, kallattiiwwan, qoodama yeroo fi tibboota, dhaabilee fi jaarimiyaalee hawaasaa yookiin jechi qubee guddeessa jedhu kun jechoota qubee fi guddaa kan jedhaman irraa kan mootummaa, maqaawwan garreenii, laggeenii, haroowwanii, garboota fi galaanotaa qubee guddaadhaan eegalamuu qabujechuun tareesseera. Walumaagalatti, yommuu

qubeessinu iddoo qubeen guddaan itti barbaachisu addaan baafnee beekuun barbaachisaa dha.Kun hin taane taanaan barreeffamichi hir’uu ta’a jechuu dha.”

#### 2.1.6.4.Rakkoo Hima Sirrii Barreessuu

Akkuma maqaa isaa irraa hubannu hima jechuun himuu ykn ergaa dabarsuu jechuudha.Kanaaf, ergaa yommuu dabarsinu bifa qindaa’een ta’uu waan qabuuf of eeggannoo barreessuun barbaachisaa ta’a.Hima ilaalchisee, Geetaachoo (2009:80) irraa, “Gulummoofi xumurtuu qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu hima jedhamee beekama.Yookaan hima jechuun, jechoonni walitti dhufuudhaan yaada guutuu fudhatamaa fi qindaa̓aa ta’ ee ergaa guutuu kan dabarsuu fi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu jechuu dha.” jechuun ibseera.

### 2.1.7. Tooftaalee Ittiin Keeyyata Babal’ifnu

Keeyyata yommuu barreessinu, keeyyaticha guddisuuf(bal’isuuf) tooftaa garagaraa fayyadamuun guddisuu dandeenya.Addunyaa (2018) tooftaalee ijaarsa keeyyata muraasa haala kanaan ibsa.Tooftaalee keeyyata ijaaruu keessaa muraasni ibsuu, qoqqoduun, mormuufi amansiisuun adeemsa mul’isuun, fakkeenya kennuuniifi ta’iinsa tokko seenessuun ta’uu danda’a.

Akka Annick (2017) barreessetti, namni tokko yoo keeyyata tokko barreessuufi guddisuu barbaade caasaalee keeyyataa kanneen akka hima ijoo, himoota gargaartuu, qindoomina, wal qabsiiftuuwwaniifi hima goolabaa ilaaicha keessa galchuu qabu. Haala kanaan yommuu keeyyata babal’isuu barbaannu tooftaalee armaan gadii kanneen fayyadamuun guddisuu ni dandeenya.

#### 2.1.7.1. Seenessuu

Keeyyanni seenessaa waa’ee taateewwan ta’anii darbanii haala tartiiba ta’uumsaafi yeroo tartiibessuun kan dhiyaatuudha. Kaayyoon barreeffama seenessaa inni guddaan itti gammaduuf tartiiba gochichaa eeganii dabarsuuf.Caacculeen barreeffama seenessaa kanneen akka qooddattootaa, tartiiba yeroo, waliin dubbii fa’aadha.

### 2.1.7.2. Addeessuu

Keeyyanni addeessaa qindoomina himootaa kan of keessaa qabu ta'ee, waa'ee walii gala iddoo, namootaa, meeshaalee ykn yaadotaa amansiisuun ibsuuf nu gargaara. Yoo haala kanaan ibsame, dubbisaan maaltu akka ibsamaa jiru yaaduu danda'a. Keeyyanni kun gadi fageenyaan yommuu babal'atu, himni ijoon dhugaa jiruun kan ibsamuudha. Kaayyoon guddaan keeyyata kanaa waa'ee namootaa, bakkaafi wantootaa ibsuuf itti gargaaramna.As jalatti, barreessaan wantoota miira dubbisaa kakaasan uumuun sammuu dubbisaa keessatti suuraa uumuun ergaa dabarsuuf gargaara.Wanti hubatamuu qabu kaayyoon keenyaafi dubbisaan keeyyatichaa ilaalcha keessa galfamuudhaan barreeffamuu qaba.

### 2.1.7.3. Wal bira Qabuu

Keeyyata tokko yommuu barreessinu wal fakkeenyaafi garaagarummaa isaanii wal bira qabuun guddisuun ni danda'ama. Kaayyoon guddaan keeyyata waliin madaaluun guddisuu, dhimma beekamaa hin taane tokko dhimmoota beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun waliin madaaluufiidha.Barreessaan yommuu keeyyata kana barreessu, jalqaba irratti wal fakkeenya dhimmoota lameenii yoo barreesse, itti aansuun garaagarummaa jiru ibsuun haala kanaan itti fufuun keeyyatichi barreeffama.

### 2.1.7.4. Amansiisuu

Keeyyanni amansiisaan fakkeenyotaafi dhimmoota gadi fageenyaan ibsuun dubbisaa amansiisuuf gargaaraniin bal'isna.Kaayyoon guddaan keeyyatichaa dubbisaan yaada barreessaa amanee akka fudhatu taasisuudha.Keeyyaticha kana keessatti barreessaan warreen biro amansiisuuf dhiibbaa taasisa. Kanaafuu keeyyanni kun yommuu yaada keenya namoota biro amansiisuuf yaalii taasifnu kan babal'isnuudha.

### 2.1.7.5. Fakkeenya Kennuu

Fakkeenya kennuun keeyyata tokko guddisuu jechuun fakkeenyota garagaraafi fakkiiwwan fayyadamuun yaadicha kenname ibsaa dubbisaa amansiisuu jechuudha.Kaayyoon haala kanaan keeyyata tokko guddisuu inni guddaan fakkeenyaafi ragaa garagaraan deeggaramuun yaada ofii

ibsachuudha.Barreeffama kamiinuu keessatti fakkeenya fayyadamuun ni danda'ama. Keeyyata kana keessatti seensa isaa irraa kaasee fakkeenyota heddutu fayyadamama.

### 2.1.7.6. Sababaafi Bu'aa Ibsuu

Sababaafi bu'aan keeyyata guddisuun sababa wanti tokko ta'eef ibsuun bu'aa sababichaan argame wal-duraa dubaan dhiyeessuu jechuudha. Kaayyoon keeyyata kanaa wanti tokko akkamitti kan biraa irraan dhiibbaa akka gahuu danda'u agarsiisa. It is aim is to explain to the reader how one thing may affect another. Yeroo baay'ee tooftaa kanaan keeyyata guddisuun, keeyyaticha qaamolee garagaraatti caccabsuun hariroo sababaafi bu'aa ibsa.Tartiiba isaa eegee deemuun keeyyatichaa keeyyata seenessaa waliin wal isa fakkeessa.

### 2.1.8. Tooftaawwan Himoota Gargaartuu Itti Tartiibessinu

Yaada tokko yommuu ibsinu waan sammuu keenyatti dhufe haala itti dubbisaaf galuu danda'utti tartiibaan kaa'uun baay'ee barbaachisaadha. Yommuu tartiibessinu dandeettii dubbisaa keenyaa irratti hundaa'uun salphaa irraa gara walxaxaatti yookiin walxaxaa irraa gara salphaatti ibsuu ni dandeenya. Dubbisaa amansiisuuf, himoota barreessinu jechoota gargaartuu garagaraa fayyadamuun walqabsiifna.

Haala ittiin himoota gargaartuu garagaraa fayyadamuun keeyyata walqabsiisuun danda'amu baruun, barreeffamichi caalatti akka ifaafi salphaa akka ta'u taasisa.Akkasumas, hariiroo himoota gargaartuu keeyyata keessatti, kitaabilee adda addaafi barruulee gidduu jiru salphumatti hubachuun ni danda'ama. Jechoota kallattii agarsiisan (directional words) haala itti fayyadama isaaniifi hariiroo isaan uuman beekuun caalatti bu'a qabeessa ta'a.

Barreessaan jechoota kallattii agarsiisan akkamii akka fayyadamuu qabu tooftaa keeyyata ittiin qindeeffatu irratti hundaa'uun filachuu ni danda'a. Kun akka barreessaattis ta'ee, akka dubbisaatti yaada keenya tartiibessinee ibsachuuf filatamaadha. Jechoonni himoota wal qabsiisuuf gargaaran keessaa muraasni:

Akkasumas, dabalataan, waan tokkoof, itti dabaluun, irracaalatti, fakkeenyaaf, isa xiqqaa, caalatti, ijoo fa'a.

Yaada keenya yommuu tartiibessinu haala yeroo ta'umsa gochaatiin (chronological order) fi naannoo (iddoo) gochichi itti ta'e (spatial sequence) fayyadamuun tartiibessuun ni danda'ama. Haala ta'umsa gochaatiin (chronological order) kan fayyadamnu, yoo gochaa ta'e tokko yeroo ta'umsa isaa irratti hundaa'uun ibsinuudha. Karaa biraatiin, haala kanaan yommuu tartiibessinu gocha dura ta'e dursinee ibsuudhaan, itti aansuun, gocha yeroo dhihootti ta'e itti aansuun tartiibessina. Adeemsa kana keessatti yommuu keeyyata walitti hidhuun barreessinu gaaffilee dursa maaltu ta'e?, itti aansuun hoo? Dhuma irratti maaltu ta'e?gaaffilee jedhuuf deebii laata.

Jechoonni himoota gargaartuu walqabsiisuuf itti fayyadamnu, kanneen akka: jalqaba irratti, sana booda, itti aansuun, si'a tokkoofi dhuma irratti jechoonni jedhaman gaaffii 'yoom' jedhu deebisuuf itti fayyadamna. Jechoonni muraasni ta'umsa gochaalee agarsiisuuf itti fayyadamnu:

Yeroo tokko, amma, guyyaa boodaa, dhiyootti, booda, tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa, ittiin jalqabuuf, hanga ammaatti, har'a, kaleessa, boru,…

Haala naannoo (iddoo) ta'umsaa tartiibessuu( spatial sequence) kan fayyadamnu yoo sammuu dubbisaa keessatti suuraa waan ibsaa jirru sanaa kaasuu barbaanneedha. Tooftaan kun naannoo yookiin wanta ibsaa jirru sana qaama tokko irraa gara qaama biraatti adeemuun bifa qindaa'aa ta'een kan ibsinu ta'a. Fakkenyaaf, yoo gamoo tokko ibsuuf barreessita ta'e, tarii gadii gara olii yookiin olii gara gadii ibsuun gaaffilee 'gamoo jalqabaa irra maaltu jira?Isa lammaffaa irra hoo maaltu jira?Isa sadaffaa irra hoo maaltu jira?Deebisuuf itti gargaaramna.As jalatti gaaffii "eessa" jedhu deebisuuf jechoota kallattii agarsiisan kanneen akka: irra, jala, dura, duuba, bira, irraa fagoo, gubbaa irra, dalga, gara alaa, gara keessaa, itti aansee fa'adha.

### 2.1.9.Gahee Barsiisaa Keeyyata Barreessuu Barsiisuu Keessatti

Barreessuu barsiisuu keessatti gaheen barsiisaan taphatu baay’ee murteessaafi dhimma xiyyeeffanno argachuu qabuudha.Akka Harmer(2004:41-42) jedhutti, yommuu barreessuun daree keessatti barsiifamu, barsiisaan barataan isaa barreessaa cimaa akka ta’uuf deeggaruufi jajjabeessuu qaba jedha.Dabalataan, dalagaalee barsiisaan barreessuu dura, yeroo barreessuufi barreessuu booda gochuu qabu isaan gadiiti.

### 2.1.9.1.Agarsiisuu

Gaheen barsiisaa inni jalqabaa agarsiisuudha.Barsiisaan waa’ee barreessuu dursee barattoota wantoota kakaasuufi yaada isaan gara sanatti deebisu sammuu isaanii keessatti uumuu qaba.Karaa kamiinuu haa ta’uu, barsiisaan gumee qopheessuun barattoota isaaf hubannoo kennuun yaada barattootaa gara barreessuutti deebisuu qaba.

### 2.1.9.2.Kakaasuu

Gaheen barsiisaa inni lammaffaan kakaasuufi jajjabeessuudha.Barsiisaan barattoonni kaka’umsa godhatanii bu’aa barreessuun qabu itti amanuun gammadanii akka fudhatan taasisuun qaba.Fakkeenyaaf, barsiisaan yommu daree seenu, barattoonni yoo dogoggora uuman dafee qajeelchuu qaba.

### 2.1.9.3.Shaakalsiisuu

Inni sadaffaan gargaaruudha.Barsiisaan yommuu barattoonni barreessuu shakalan yeroo kamiinuu bira jiraachuun gargaaruu qaba.Rakkoo barattoota barreessuu irratti mudatan akka keessa bahan deeggaruun barbaachisaadha.Bakka hundatti tattaaffii barattoonni taasisan jajjabeessuun gahee barsiisaa guddaadha.

### 2.1.9.4.Deebisuu

Inni arfaffaan deebisuudha.Barsiisaan yommuu deebii deebisu, qabiyyichaafi ijaarsa isaa irratti jajjabbeessuun akka fooyya’an taasisuu qaba.Yommuu barsiisaan barataaf sadarkaalee barreessuu garagaraa keessatti deebii kennu, yaaliin barattooni taasisaa jiranitti qabxiin itti qabamuu hin qabu.Kana gochuu irra akkaataa itti fooyya’uu qaban itti agarsiisuu wayya.Kanaafuu, yeroo

barattoonni barreessuu shaakalan dogoggora isaanii irratti xiyyeeffachuu caalaa haala isaan itti fooyyessuu danda'an agarsiitu filatamaadha.

### 2.1.9.5.Madaaluu

Inni dhumaa madaaluudha.Barsiisaan yommuu qoruuf barreessuu barattootaa madaallu, barsiisaan haala barreeffamni gaariin itti qindaa'ee barreeffamu hubachiisuu qaba.Barsiisaan qoruuf yoo barreesiseeyyuu, gocha gaarii jajjabeessun dogoggora jiru itti agarsiisaa barsiisuu qaba.Dhuma deebii hund ofii isaa deebisuu irra bakka dogoggorri jiru akka sirreeffatan waraqaa deebii irratti itti agarsiisuu qaba.

## 2.2 Sakatta'a Qorannoo Wal Fakkii

Qorannoo kanaan mata dureen kallatiin wal fakkaatan yoo dhabameeyyuu, warreen barreessuu walii galaa irratti hojjataman isaan armaan gadiiti.

Gammachuu (2010)mata duree 'Qaaccessa Wantoota Ogummaa Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa geesisan: Godina Wallaggaa Lixaa mana barumsaa Biiftuu Aayiraa kutaa 10^ffaa^ irratti hojjatee ture. Kaayyoo guddaan qorannichaa xiinxala taatewwan dandeettii barreessuu barattoota irratti dhiibbaa geesisan qaaccessuudha.Argannoon qorannichaa akka agarsiisutti barattoonni baay'een adeemsa barreessuu keessatti qubeessuufi qubguddeessa,sirna tuqaalee,jechoota filachuun barreessuu,mathimaafi anthima walsimsiisanii barreessuu irratti ga'umsi isaanii gadi bu'aa ta'uun isaa hubatameera.

Qorannoon wal fakkii inni biraa, qorannoo Raggaasaa (2009) mata duree 'Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barattota Kutaa Torbaffaa Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Marsaa Lammaffaa Magaala Gaasaraa irratti hojjateedha.Kaayyoonqorannichaa, hanqina barattoonni manneen barnoota Magaalaa Gaasaraa kutaa 7^ffaa^ Afaan Oromootiin barreessuu irratti qaban xiinxaluun adda baasuudha. Argannoowwan qorannoo kana irraa argaman akka mul'isanitti, barattoonni sirna barreeffama Afaan Oromoo eeganii qubeessuu, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamuu, qub-guddeessaa bakka barbaachisutti galchuu, keeyyata sirrii barreessuu, seerluga sirrii ta'eetti

fayyadamuufi walta’umsa yaada eeguun bareessuurratti hanqina ykn rakkoo qabaachuun isaanii hubatamee jira..

Inni sadaffaan, qorannoo Toleeraa(2009) mata duree, ogummaa bareessuu gabbifachuu keessatti rakkoolee barattoota kutaa 9ffaa mudatan adda baasuu: haala mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Garba Gurraachaa irratti hojjatee tureedha. Kaayyoon qorannichaa, rakkoowwan ogummaa barreessuu gabbifachuu keessatti barattoota kutaa 9ffaa mana barumsaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Garba Gurraachaa mudatan adda baasuudha.Argannoon qorannoo kanaa kanneen akka hanqina caaslugaa, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa, hanqina yaada qindeeffachuu fa’a akka ta’an hubachuun danda’ameera.

Qorannoowwan armaan olitti hojjataman hundi rakkoolee barreessuu keessatti mul’atan irratti kan xiyyeeffatan ta’uun isaanii qorannoo koo kanaan wal isaan fakkeessa.Haata’uu malee, qorannoo koo irraa kan adda isaan taasisu, qorannoon inni amma hojjatame kun rakkoolee keeyyata barreessuu keessatti mudatan kanneen akka: hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa, adeemsa keeyyata bareessuu keessatti hordofamuufi caacculee keeyyata gaarii kanneen akka tokkummaa, wal ta’iinsaafi xiyyeeffannoo qabaachuu keeyyata barattoonni barreessan fa’a irratti xiyyeeffachuudhaan rakkoo jiru qaaccessa. Dabalataanis, haalli daree keessatti keeyyata barreessuu itti barsiifamaa jiru gadi fageenyaan ni xiinxala. Kan adda isa godhu inni lammaffaan, yoomessa isaati. Qorannoon kun kan hojjatame Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Kutaa 10ffaa bara 2013 kutaa Bulchiinsa MagaalaaGullallee keessatti kan argamu irrattiidha. Manni barumsichaa haara waan ta’eef, qorannoon kun barbaachisaa qofa osoo hin taane, rakkoo heddu furuun fakkeenya ta’u danda’a. Mata duree kana kanaan dura qorannoon kallattiin irrattikanhin hojjatamne ta’uun milkaa’aafi adda isa taasisa.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA

**Seensa**

Boqonnaa kana jalatti wantoonni hammataman: saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, malleen ragaan ittiin sassaabamu, mala iddateessuufi mala qaaccessa ragaalee fa'aadha. Tokkoo tokkoo isaaniitiin armaan gaditti gadi fageenyaan ibsamanii jiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannichaafi gaaffilee bu'uuraa deebi'uuf karoorfame milkeessuuf, mala addeessuu (descriptive methods) fayyadamtee jirti.Malli addeessaa, malaakkamtaafi ammamtaan ibsamuu waan danda'uuf mala makaa (Mixed research methods) fayyadamuun odeeffannoo tooftaalee garagaraatiin sassaabamu qaaccessuunhaala karoora isheetiin ragaa funaannattee jirti.Sababni malleen kunneen filatamaniif keessaa inni ijoon odeeffannoon walitti qabaman mala lakkoofsaafi ibsuun/jechaan hiikuun caalatti ifaafi salphatti kan hubatamu waan taasisuufiidha. Akka Cresswell and Clark (2011) jedhutti malli qorannoo wal makaan adeemsa ragaan ittiin sassaabamu, qaacceffamuufi akkamtaafi hammamtaan rakkoolee qorannoo tokkoo ittiin hubatamuuf nama gargaaruu dha. Kana irraa kan hubannu ragaa sassaabamu caalatti ifa taasisuuf karaa lamaan kanaan ibsuun gaarii ta'a. Qorannicha keessatti lakkoofsaan wal qabatan kanneen akka chaartii, gaaffilee cufaa, baay'ina isaanii irraa kan ka'e wantoota gabatee keessatti ibsuun nama rakkisu fa'a mala qorannoo hammamtaa fayyadamna. Kanaan adda kan ta'e, ragaa jechaan ibsamuu qaban kanneen akka afgaaffii barsiisaa irraa sassaabamuufi gaaffilee banaa qaaccessuuf mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun dirqama. Akka Miles and Humberman(1994) ibsanitti, mala qorannoo makaa fayyadamuun ragaa sassaabamu caalatti cimsa.Kanaaf, qorattuun ragaa ishee caalatti cimsachuuf mala kana filattee jirti.

### 3.2. Madda Ragaalee

Qorannicha milkeessuuf, madda ragaa tokkoffaa irraa odeeffannoo sassaabdee qaaccessitee jirti.Sababni  maddi ragaatokkoffaa filatameef, manni barumsichaa haara kan hundeeffame waan ta'eef, ragaan barreeffamaan akka ragaa lammaffaatti kuufame waan hin jirreefiidha. Akka madda ragaa tokkoffaatti kan filataman: Barattoota kutaa 10ffaa barataniifi barsiisota kutich barsiisaniidha.

#### 3.2.1. Barattoota

Gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo qorannoo kanaa deebisuuf, barattoota mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa bara 2013 barataa turaniidha. Ragaan kun kan sassaabame barattoota dhiiraafi shamarranii daree keessa jiran keessaa saalaan osoo hin qoodin bifa madaalawaa ta'een barattoota dareewwan filataman 5 keessa jiran 134 keessaa 30% (barattoota 40) irraa sassaabamee jira.

#### 3.2.2. Barsiisota

Barsiisonni mana barumsa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2ffaa gosa barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan hundi akka madda ragaa tokkoffaatti filatamanii jiru.Barsiisonni kuticha barsiisan namoota 5 yommuu ta'an, dhiira 1 fi dubara 4 walitti namoota 5 dha.Hundi isaanii sadarkaa barumsaatiin digirii 2ffaa qabu.

### 3.3 Mala Ragaaleen Ittiin Sassaabaman

Kaayyoo qorannoo kanaa milkaa'aa taasisuuf, mala ragaan ittiin sassaabamu garagaraa kanneen akka qormaata keeyyata barreessuu, bargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa dareefilatamanii jiru.Odeeffannoo karaa garagaraatiin sassaabuun(triangulation) ragaan argamu sirrii, dhugaafi amanamummaa akka qabaatu taasisa. Kana jechuun yaada wal fakkatu irratti ragaankallattii garagaraatiin walitti waan dhufuuf dhuga qabeessa ta'a; shakkii argannoo qorannicha keessaa nixiqqaata jechuu dha.Kun immoo, ofitti amanamummaa qorattuu dabala.

### 3.3.1. Qormaata Keeyyata Barreessuu

Qorannicha milkeessuuf tooftaan ragaan ittiin guuramu inni jalqabaa, qormaata keeyyata barreessuudha.As keessatti barattoonni yommuu keeyyata barreessan dogoggora maal maal fa'i akka uuman adda baasuuf itti fayyadamna. Yaada kana kan deeggaru, Stemler and Bebell (1998) yommuu ibsan sakatta'a dokumeentii (document analysis) jechuun tooftaa ragaa bu'a qabeessaafi qabatamaa argachuuf nu gargaaruudha. Itti dabaluun, Creswell (2012) sakatta'a dokumeentii yommuu ibsu, dokumeentiin madda barreeffamaa (jechaa) qorannoo akkamtaaf fayyadamnuudha jedha. Ragaan akkanaa kun qorataan waan ta'amaa jiru jechaan waan ibsuuf, hubachuuf hin rakkisu. Kanuma bu'uureffachuun, rakkoo barattoonni keeyyata barreessuu keessatti uuman adda baasuuf, gaaffilee cheekliistii 7 qabu qophaa'uun barreeffamoonni qaacceffamanii jiru.

Keeyyata barreeffame qaaccessuuf, cheekliistii gaaffilee torba qabu qopheessuun haala armaan gadii kanaan ibsamee jira.

1. Keeyyatichi barreeffame hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa ni qabaa?
2. Filannoon jechootaa baratichi yaadaa isaa ittiin ibsate ergaa barbaadame bifa dubbisaa gammachisuun ni dabarsaa?
3. Keeyyatichi barreeffame haalaan babal'atee/ guddatee jiraa?
4. Keeyyatichi caas-luga sirrii ta'een barreeffamee jiraa?
5. Keeyyatichi barreeffame tokkummaa, wal-qabannaa, wal-ta'iinsaafi qindoomina ni qabaa?
6. Keeyyatichi barreeffame sirnaan qubeeffamee jiraa?
7. Keeyyaticha barreeffame sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa sirrii ta'een barreeffamee jiraa?

Qormaatichi kun gaaffilee bu'uuraa keessaa isa 1ffaa deebisuuf, kan dhiyaateedha. Jalqaba irratti, haala isaan ittiin hojjataniifi sa'aatii kenname erga itti himameen booda, mata duree afur kanneen akka 'Faayidaa Mana Kitaabaa Fayyadamuu', 'Bu'aa Moobayilii Fayyadamuu', 'Faalama Qilleensaa'fi 'Faayidaa fi Miidhaa Tv ilaaluu' salphaafi dandeettii isaaniitiin wal sima jettee yaaddu

gabatee irratti barreessuun isaan keessaa tokko tokko irratti akka barreessan sa'aa tokkoof erga barreessan booda irraa sassaabamee jira.

Keeyyattoota barreeffaman keessatti wantootni xiyyeeffannoon xiinxalaman keessaa isaan murteessoon: keeyyatichi seensa, yaada callaafi hima goolabaa qabaachuufi dhiisuu. Inn lammaffaan, tokkummaa, wal qabannaa yaadaa, tartiibaafi guutummaan keeyyatichaa sirritti qindaa'uufi dhiisuun isaa niqaacceffamu. Dabalataan, wal qabsiistonni isaan itti fayyadaman, haalli isaan itti qubeessan, seer-lugni kanneen akka ennaa, jabaachuu, laafuu, dheerachuu, gabaabbachuufi halli isaan keeyyata ittiin guddisan ni xinxalama.

### 3.3.2. Bargaaffii

Rakkoolee barattoonni Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu irratti qaban furuuf tooftaan inni lammaffaan gaaffii barreeffamaa barattootaaf dhiyaatee jira.Gaaffileen dhiyaatan kunneen gaaffilee banaa (open-ended questions) and gaaffilee cufaa (close-ended questions) dhimmoota keeyyata barreessuu barattootaan wal qabataniifi haala barsiisaan itti barsiisu irratti bifa qindaa'aa ta'een barattootaaf hiramuun odeeffannoon sassaabamee jira.

Bargaaffii ilaalchisee Kumar(2011) yommuu ibsu, bargaaffiin odeeffannoo hamamtaa sassaabuuf kan gargaaru ta'ee, akkasumas odeeffannoo akkamtaa funaanuufis akka itti dhimma baanu ibsa. Akka Kumar ibsutti bargaaffiin gaaffilee tartiibeffamuun barreeffaman ta'ee, deebiin isaanii odeefkennitootaan kan kennamuudha.Bargaaffii keessatti odeefkennitoonni gaaffilee dubbisuun hiika barbaadamu itti kennuun barreessuun deebisu jedha.Gosoota gaaffilee ilaalchisuun, Bryman (2012) gaaffilee banaa keessatti odeefkennittoonni yaada isaanii akka fedhanitti kan deebisan yommuu ta'u, gaaffilee cufaa immoo filannoo kenname irratti hundaa'uun daangessanii akka ibsan lafa kaa'a. Bargaaffii fayyadamuun akka ati odeefkennitoota waliin osoo hin haasa'in deebii qindeeffattuuf gargaara.Kanuma bu'uureffachuun, waan keessa barattootaatti dhokatee jiru bifa filannootiifi gaaffilee banaa barattoonni yaada isaanii daangaa tokko malee itti ibsatan bifa hawwataa ta'een qophaa'uun barattootaaf hiramuun gadi fageenyaan qaacceefamee jira.Ragaan gaaffilee kanneen irraa sassaabame

qorattuudhaan of eeggannoon bifa gabateetiin taa'uun, ragichatti hiikni kennamee jira.

### 3.3.3. Daawwannaa Daree

Tooftaan odeeffannoon ittiin sassaabamu inni 3ffaa daawwannaa daree dha. Kun kan ta'u odeefkennitoota ykn barsiisota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan amansiisuudhaan yeroo isaan keeyyata barreessuu barsiisaa jiranitti kan gaggeeffamaa tureedha.Akka Kumar(2011) ibsetti, daawwannaan mala odeeffannoo jalqabaa ittiin sassaabnuudha. Daawwannaan (Observation) mala kaayyoo qabeessa, sistemaatikii(systematic) fi filatamaa ta'ee karaa ilaaluufi dhaggeeffachuun osoo gochichi ta'amaa jiru odeeffannoo ittiin guurruudha.Ragaa kana sassaabuuf, dursa fedhii barsiisotaa gaaffachuun, eeyyamamoo ta'anii jiru.Itti aansuun, dareewwan 17 jiran keessaa shan mala carraa lotoriitiin filachuun dareewwan barsiisonni garagaraa barsiisan si'a (guyyaa) lama lama daawwatamee jira. Barsiisonni yeroo hunda(dhaabbataadhaan) keeyyata waan hin barsiifneef, karoora isaanii itti gaafatamaa muummee biraa ilaaluun, guyyaa isaan keeyyata barreessuu barsiisan hordofuun haala mijataa jiru fayyadamuun daawwatamaa turanii jiru. Yeroo daawwannaan adeemsifamu dhimmoonni irratti dawwatamu bifa cheekliistiin (check list) qophaa'uun kan seenuun, yeroo daawwannaatti dhimmoota barbaachisaa ta'anii garuu cheeklisticha keessatti kan hin hammatamne itti dabaluun, yaadannoo irratti qabachuun odeeffannichi bifa milkaa'aa ta'een sassaabamee jira.

### 3.3.4.Afgaaffii

Malli ragaan ittiin guramu inni 4ffaa, afgaaffii dha.Gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisuuf afaaniinis ta'ee, fuulaa fuulatti gafachuun barbaachisaa dha.Kumar (2011), Burns (1997) wabeeffachuun akka ibsetti, afgaaffii jechuun afaaniin yeroo baay'ee fuulaa fuulatti yookiin bilbilaan fayyadamuun odeeffataan odeeffannoo salphatti argachuun isa rakkisu nama biroo irraa funaannachuudha.

Gaaffileen afaanii kunneen kan qophaa'an barsiisota mana barumsichaa keessatti Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisan hundaaf ta'a. Af-gaafichi qophaa'egar-tokkeen caaseffamaa (Semi structured) dha. Sababni isaas haala jiru irratti

hundaa’uun gaaffileen dabalataa (qaxxaamuraa) deebii kenname bu’uureffachuun dhiyaate, ilaalcha keessa galchuun ragaan funaanamee jira.Gaaffileen kunniin fuulaa fuulatti waan ta’aniif, barsiisota deebii kennan currisaafi miira fuula isaanii dubbisuun dhugummaa deebii sanaa tilmaamuun ni danda’ama.Walumaagalatti, deebiin barsiisota irraa argaman,kanneen bargaaffii irraa argameen wal biratti ilaalamuun qaacceeffamanii jiru.

### 3.4.Mala Iddatteessuu

Iddattoo jechuun adeemsa hawaasa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota ykn qaamota hawaasa sanaa fudhatanii itti fayyadamaniidha. Akka Dastaa (2013) jedhutti, qorannoo geggeessuudhaaf yammuu kaanu mataduree filachuu, barruu sakatta’uu dabalatee kaayyoo qorannuuf qabaachuun akkuma jiru, eenyurratti kan jedhus gaaffii laayyoo miti. Gaaffileen kunneen immoo naannawaa qorannicha irratti geggeessinufi naannawaa sana keessatti kan irratti daangofnu, iddattoo keenya akka murteessinuuf karaa kenna. Kanuma bu’uureffachuun,iddattoo mana barumsaa, iddattoo barattootaafi iddattoo barsiisotaatti qoqqooduun haala armaan gadii kanaan kaa’amee jira.

Qorannoonkunkan gaggeeffame magaalaa Finfinnee kutaa Bulchiinsa Magaalaa Gullallee keessatti yommuu ta’u, kutaan bulchiinsa magaalichaa manneen barnootaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ muraasa of jalaa qaba. Manneen barumsaa kanneen keessaa mala iddattoo akkayyootiin Manni Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2$^{ffaa}$ filatamee jira.Iddattoon akkayyoo (purposive sampling) akka Kumar (2011) ibsetti, xiyyeeffannoon isaa inni guddaan kaayyoo qorannichaa kan milkeessu ta’ee odeeffannoon gahaan kan irraa argamuu danda’u yoo ta’e,qorataan kan murtaa’udha. Iddattoon akkayyoo yoo waan qoratamuuf deemu sana kan milkeessuta’e, itti yaadamee warreen biroo caalaabaay’ee barbaachisaa yoo ta’e filatamaadha. Manneen barnootaa kanneen keessaa manni barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu sadarkaa 2$^{ffaa}$ filatamee jira. Sababni isaas, qorannichikan irratti xiyyeeffattee hojjatamaa jiru rakkoolee Afaan Oromootiinkeeyyata barreessuu irratti mul’achaa jiruufi wantoota gufuu ta’an adda baasuuf waan taa’eefiidha. Akka carraata’ee kutaa bulchiinsa magaalichaa

keessa manni barumsichaa haaraafi Afaan Oromootiin kanbarsiisu isa qofa waan ta’eefiidha.Kutaan 10ffaa mana barumsichaa keessa jiru 17 waan ta’aniif isaan keessaa dareen shan barsiisonni garagaraa barsiisan mala carraa loteriitiin filatamanii jiru.

Iddattoon inni biroo, barattoota jiran keessaa warreen iddattoo ta’uu danda’an addaan baafachuudha.Manni barumsichaa kutaa 10ffaadareewwan17qaba. Isaan keessaa kan qorannoon irratti hojjatamu shan qofaadha. Sababni isaas, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan nama 5 qofa waan ta’aniif, odeeffannoon daawwannaa daree irraa argamu kanneen birootiin akka wal hin rukunneef dareewwan barsiisonni shanan barsiisan keessaa tokko tokko qofatu filatame. Kanaaf, dareen odeeffannoon irraa sassaabame daree 10B, 10D, 10G, 10Jfi 10Pyommuu ta’an, mala iddattoo carraa keessaa mala carraa tasaatti (simple random sampling) fayyadamuudhaan filatamee jira.Haaluma kanaan Dastaan (2013) yoo ibsu,’Malli carraa tasaa hirmaattota hunda carraa isaan qaban walqixxeedha” jedha. Akka Gay (1987) jedhutti, yoo iddattoon xiqqaa ta’e, iddattoon inni xiqqaan %10 yommuu ta’u, yoo hawaasichi guddaa ta’e, iddattoon %20-30 ta’uu qaba jedha. Kanuma bu’uureffachuun, barattootahunda irraa odeeffannoo sassaabuun waan hin barbaachifneef, dareewwan kudha 17 keessaa daree shan kan barsiisaan garagaraa seenan mala carraa loteriitiin filatamee jira. Barattoota dareewwan shanan hunda isaanii irratti qorannoo hojjachuun ifaajee guddaa waan gaafatuufi rakkooleen odeefkennitoota bira jiru baay’een isaanii wal fakkaataa(homogenous) waan ta’aniif, %30 barattoota 134 jechuun barattoonni 40( afurtama) warreen hafan bakka naaf bu’a jechuun irratti hojjachuuf filatan haala kanaan adda baasuun irratti hojjattamee jira.

Barsiisonni mana barumsichaatti Kutaa 10ffaa Afaan Oromoo barsiisan namashanqofa waan ta’aniif mala ammargee (availabilitysampling) fayyadamuun odeefkennitoota akkuma jiranitti fudhatamanii jiru. Odeefkennitoota kanneen irraa karaa afgaaffiifi daawwannaatiin odeeffannoonsassaabamee jira.

### 3.5.Malleen Qaaccessa Ragaalee

Rakkoolee barattoonni keeyyata barreessuu keessatti uumaniifi wantoota keeyyata barreessuu barattootaa irratti gufuu ta'an addaan baasuuf, ragaalee karaadokumeentii sakatta'uu (qormaata keeyyata barreessuu), bargaaffii,daawwannaa dareefi afgaaffiidhaan sassaabuun qaacceffamee jira.

Qormaata barattootaaf dhimma keeyyata barreessuu irratti qophaa'e sororsuun tokkoo tokkoo isaaniitiif ciminniifi hanqinni keeyyatichi qabu qaacceffamuun bifa jechaatiin ibsi itti kennamee jira.Itti aansuun, bargaaffii cufaafi banaa qopheessuun, ragaa gaaffilee cufaa irraa sassaabame bifa chaartiifi gabateen faayyadamuun lakkoofsaan kan ibsame yommuu ta'u, gaaffileen banana immoo, bifa jechaatiin qaacceffamanii jiru. Inni biroo immoo, ragaa daawwannaan haala cheekliistii qophaa'eetiin osoo baruu barsiisuun adeemsifamaa jiru sassaabameyommuu ta'u, jechaafi lakkoofsaan qaacceffamee jira. Dhuma irratti,afgaaffiin barsiisota irraa odeeffannoon sassaabame bifa jechaan kan ibsame waan ta'eef, mala akkamtaan qaacceffamuun hiikni itti kennamee jira.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE

**Seensa**

Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon rakkoolee barattootni keeyyata barreessuu keessatti uumaniifi wantoota gufuu ta'an, mana barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 2ffaa kutaa 10ffaa xiinxaluun hiikni itti laatamee jira.Ragaalee karaa qormaataa/ keeyyata barattoonni barreessan, bargaaffii barattootaa, daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaaf qophaa'e irraa odeeffannoofi ragaa argame wal biratti qabuun ragaaleef hiika kennanii jiru.

## 4.1. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Keeyyata Barattoonni Barreessan Irraa Argame

Barattoonni yommuu keeyyata barreessan, keeyyanni isaan barreessan ulaagaa keeyyanni gaariin tokko guutuu qabu hunda guutanii akka barreessan itti himamee jira.Keeyyanni isaan barreessan himoota 7 hanga 12 osoo hin caalu ta'ee gaarii akka ta'eefii sa'aatii 1:00 caalaa fayyadamuu akka hin dandeenye qajeelfamanii jiru.

### 4.1.1. Xiinxala Qaamolee Keeyyataa

#### 4.1.1.1. Hima Ijoo Barreessuu

Rakkoo hima ijoo barreessuu danda'uufi dhiisuu barattootaa ilaaluuf, keeyyattoota barreeffame tokkoo tokkoo isaaniitiin xiinxaluun addaan baafamejira.Barattoota 40 keessaa barattoonni 8(20%) keeyyanni isaan barreessan hima ijoo sirriin kan eegale(qabu) yommuu ta'u, barattoonni 32(80%) isaanii keeyyata hima ijoo isaanii adda baasanii hubachuun nama rakkisu barreessanii jiru. Baay'een isaanii hima ijoo barreessuuf jecha hima gargaartuun jalqabanii jiru.Jalqabbii osoo hin taane ibsa bal'aa waan kennaa jiran fakkaatu. Barreeffamni barattoota tokko tokkoo immoo dubbisanii ergaa isaa adda baasuufis nama rakkisa. Kan barattoonni 3(7.5%) barreessan goonkuma dubbisanii hubachuun nama rakkisa. Fakkeenya keeyyata hima ijoo hin qabnee**B6'n**(B6 jechuun barataa lakkoofsi 6 kennameefiidha)fi **B23'n**barreeffame haa ilaalluu:

**Faayidaa Mana Kitaabaa Fayyadamuu**

*Mani kitabaa faayidaa heduu kannen akka beekumsa argachuu, qormaataf qophaa'uu, kitaabile nama gammachiisaan kan akka assoosamaa, oduu durii fi shekkoo dubbisuu fa'aaf nu fayadda.Kitabileen mana kitabaakeenya keessatti argamanbay'edha.Fakkeenyaaf, kitaaba barataa, kitaabilee dabalataa kanneen akka Afaan Oromoo, Fiiziksii, Baayoloojii, Keemistirii, Oxfoordii, Herrega fa'a.Walumagalaatti, manni kitabaa keenya bal'aa waan ta'ef, barattoota bay'ee si'a tokkoon kesummeesaa.Kanafuu namati tola.*

***Faayidaafi Miidhaa Tv ilaaluu***

*Teeleviziini illaalun faaydalee kan akka oduu dhagefachuu, sirba illaaluu,barumsa irraa argachuuf diraama fi filmii ilaaluuf nu gargaaraa. Miidhaan Tv illalun fidu hoji biraa akka hin hojjane nama godha. Ijja namaa dhukkubsuun akka hin dubbifne nama dhorga. Walumagalatti, yeroo baay'e teeleviziini illaalun gaarii miti.*

Keeyyattoota warreen rakkoo hima ijoo fayyadamuu qaban keessaa akka fakkeenyatti fudhadhe lamaan B6 fi B23'n armaan olitti dhiyaate irraa kan hubachuun danda'amu, barattoonni rakkoo hima ijoo barreessuu akka qabaniidha. Fakkeenyaaf, keeyyata B6'n barreeffame yommuu ilaallu, faayidaa mana kitaabaa osoo hin taane wantoota mana kitaabaa keessatti argamu tarreessuun kan jalqabameedha. Keeyyanni inni itti aanee jirus rakkoo isa jalqabaan kan wal fakkaatu qaba. Kun immoo kan agarsiisu, barattoonni harki caalan haala ittiin barreeffama isaanii jalqaban yookiin banan irratti hubannoo kan hin qabneefi rakkatan ta'uu isaaniiti.

### 4.1.1.2. Himoota Gargaartuu Barreessuu

Barattoota rakkoo himoota gargaartuu barreessuu qabaniifi hin qabne addaan baasuuf, yeroo dheeraa fudhachuun barreeffamni isaanii qaacceffamanii jiru.Barattoota 40 keessaa barattoonni 10(25%) keeyyata himoota gargaartuu sirrii ta'e qabu bareechanii barreessanii jiru jechuun ni danda'ama. Dhugaa

dubbachuuf, kun barattoonni ciccimoon mana barumsichaa keessa jiraachuu nutti agarsiisa. Keeyyata barreeffame 40 keessaa 30(75%) isaanii himootaa gargaartuu sirrii ta'eefi ergaa barbaadamu bal'isee ragaan deeggaree kan ibsanii miti. Barreeffamni baay'een isaanii fakkenya gahaa, sababa amansiisaafi ibsa bal'aa kan hin qabneedha. Yaada isaanii fakkeenyaafi ragaa adda addaatiin osoo hin deeggarre waan sammuu isaaniitti dhufe hunda akkasumatti tarreessanii jiru. Fakkeenya keeyyata himmoota gargaartuu sirrii hin qabne **B26 fi B33** barreesse haa ilaalluu:

**Bu'aa Moobayilii Fayyadamuu**

*Moobayiilii waan baay'ef itti fayyadamna.Moobayiilii namoonnii baay'en dhimmota garaagaaraatiif itti gargaaramu. Namni moobayiilii qabu tokko abbaa barbade waliin haasa'uu danda'a, missejii baressuu danda'a, wantootaa garagaaraa irraa duubisuun ni danda'ama. Fotoo kaasu fi sirba addaa addaa dhageefachuun ni danda'ama. Gabaabumatti moobayiilii namoota wal qunnamsiisun yeroo nu qusata waan ta'eef faayida guddaa qaba.*

***Faayidaafi Miidhaa Tv ilaaluu***

*-Televizhiin ilaaluun faayidafi miidhas ni qaba. Faayida isaa inni guddaan ergaa ijaani arginu nuuf dabarsa.kan biraa barumsaa irraa argannaa. Diramaafi sirbas ilaaluun waa hubana.*

*-Miidhaan isaa inni guddaan hojii namahiksisa. Ija nama miidha. Hojii manaa fi asaymeentii hojachuu nama dhoorka. Kanafuu Televizhiiniin faayidafi miidhas ni qaba jechuudha.*

Akka ragaan armaan olii agarsiisutti, B26'n keeyyatni barreeffame rakkoo wal qabsiiftootaan fayyadamuun yaada ceesisuu dadhabuuti.As irratti, himoota gargaartuu barreessuuf wal qabasiiftuuwwan adda addaa akka barbaachisu baratichi hedduu hubannoo akka hin qabne nutti mul'isa.Akkuma olitti mul'atu

baratichi caljedhanii waan itti dhaga'ame qofa waan tarreesse fakkaata.Fakkeenyaan deeggaruufi sababeessuu irrattis hanqina guddatu mul'ata.

Keeyyata B33'n barreeffames yoo ilaalle, haalli keeyyatichi itti barreeffame mata duricha kennameen kan wal hin faallessine yoo ta'eeyyuu, faayidaafi miidhaa tv ilaaluun qabu keeyyata adda addaa keessatti ibsamee jira. Akka ragich irraa hubatamutti, baratichi keeyyata lama barreessuu barbaadee osoo hin taane, yaadolee lamaan bifa of danda'een addaan baasee ibsuu isaati.Sarara xiqqaa gargaaramuun isaa immoo nama dubbisuuf ifa gochuuf waan hojjate fakkata. Gabaabumatti, kun haala keeyyata ittiin barreessaniifi yaadni callaan akkamitti akka barreeffamu beekuu dhiisuu baratichaa agarsiisa.

#### 4.1.1.3. Hima Goolabaa Barreessuu

Keeyyata barreeffame hunda keessaa 13(32.5%) isaanii yaada gubatti ibsan karaa gabaabaa ta'een ibsuuf yaalanii jiru.Isaan keessaa muraasni kallattiidhaan yaaduma hima ijoo keessatti tuqan irra deebi'anii barreessan.Barattootaa 40 keessaa warreen hafan 27(67.5%) isaanii hima goolabaa barreessuu irratti rakkoo guddaa qabu.Barattoonni baay'een isaanii yaadicha barreessan osoo hin goolabin dhiisu. Warreen fakkeenya kennuun goolabuuf yaalanis ni jiru. Fakkeenya keeyyata sirnaanaan hin goolabamin**B27** barreesse haa ilaalluu:

**Faalama Qilleensaa**

> *Faalama bakka saditti qooduu ni dandeenya. Isaanis falama biyyoo, faalama bishaaniifi faalama qilleensaati.Sababoonni faalama qilleensaa fiidan keessaa inni duraa qilleensa warshaa keessaa bahuufi ciramuu bosonaati. Lafti garmaalee yoo dheedames qilleensa ni faala. Xuriin garagaraa magaalaa keessaa gadi dhiifamus rakkoo guddaa fiduu danda'a.Gabaabumatti, wantoonni akka ciramuu bosonaa, aara warshaa keessa bahu fa'a fakeenya gaarii ta'u.*

Akkuma keeyyata kana irraa ilaaluun danda'amutti, haalli baratichi ittiin goolabe fakkeenya kennuudhaan.As irratti kan ilaalamuu qabu, haalli faalamni qilleensaa itti qoodameefi keeyyaticha keessatti ittiin ibsame wal hin argatu. Gubbaa irratti

faalama biyyoo, bishaaniifi qilleensaa jechuun tartiiba'ee jira, gara gadii yommuu dhufu garuu sababoota faalama qilleensaa fidan jechuun isa sadaffaa irraa jalqabe. Kun kan nutti mul'isu, keeyyata yommuu barreessan tartiiba gubbaa irratti ibsame hordofuun barreeffamuu akka qabu irratti hubannoo dhabuu isaaniiti. Haalli kun keeyyata barreeffame heddu keessatti deddeebi'ee mul'ataa turee jira. Akka ragaan keeyyatoota barreeffame irraa mul'isutti, akkaataan barattoonni itti goolaban, isa akka fakkeenyaatti fudhatame kana wajjiin wal fakkaata. Kanairraa hubatamuun kan danda'amu barattoonni hedduun isaanii haala keeyyanni tokko itti goolabamu irratti hubannoo gahaa akka hin qabne nutti mul'isa.

#### 4.1.2. Xiinxala Keeyyata Guddisuu/Babal'isuu

Keeyyanni barreeffame hedduun isaanii haalli isaan ittiin babal'atan quubsaa miti.Barattoota 40 keessaa barattoota 16(40%) qofatu bifa fooyya'aa ta'een keeyyata babal'isee barreesse.Barattoonni 7(17.5%) mata duree kennameen ala bahanii fakkeenya wal hin qabanne fudhataa turanii jiru.Keeyyata isaaniis haaluma sanaan guddisan.Barattoonni hafan 12(30%) hubannoo akkaata keeyyatni ittiin babal'atuu waan qaban hin fakkaatan.Yaada isaanii akkasumatti tarreessan malee, wal qabsiiftota yaadota ittiin ceesisan hin qaban. Barattootni 5(12.5%) keeyyata isaan barreessan dubbisanii hubachuun nama rakkisa. Kan barattootni lamaan tokko barreessan goonkumaa hin dubbifamu.

Dhimma kana irraa qorattuun kan argatte, barattoonni garri caalan haala ittiin keeyyata guddisuu danda'an irratti hubannoo kan hin qabne ta'uudha. Kun immoo, kallattiin dandeettii isaanii irratti dhiibbaa akka fiduudha.

#### 4.1.3. Xiinxala Caas-luga Sirrii Eeganii Barreessuu

Caas-luga eeganii barreessuun wanti tokko yoomiifi eenyuun akka ta'e nutti agarsiisa.Keeyyata barreeffame keessaa barattoonni garri caalan caas luga sirrii ta'een barreessanii jiru.Mathimaafi bamaqaan barreeffame, akkasumas gochichi yoom akka ta'e haalaan wal simsiisanii barreessanii jiru.Barattoonni muraasni, jechuun 11(27.5%) bakka tokko tokkotti mathimaafi xumura osoo wal hin simsiisin fayyadamanii jiru.

Akkuma armaan olitti ibsametti, barattoonni tokko tokko rakkoo seer-luga sirrii eeganii barreessuu qabu.Kunis, dandeettii waa barreessuu isaanii irratti dhiibbaa mataa isaa akka qabu hubanna.

### 4.1.5. Xiinxala Tokkummaa, Wal-qabannaafi Qindoomina Yaadaa

Keeyyatni barreeffame baay'een isaanii rakkoo tokkummaa, wal-qabannaafi qindoomina yaadaa qabu.Barattoota 40 keessaa barattootni 33(82.5%) keeyyanni isaan barreessan tokkummaa yaadaa hin qabu.Barattoonni 7(17.5%) keeyyata yaada tokkoofi ergaa tokko dabarsu bareechanii barreessanii jiru.Wal-qabannaa keeyyataa ilaalchisee, barattoota 40 keessaa 29(72.5%) keeyyanni isaan barreessan walqabataa miti.Barattootni 11(27.5%) wal-qabsiistuuwwan garagaraa fayyadamanii keeyyata danbalii yaadaan walqabataa ta'e barreessanii jiru.Keeyyata qindoomina qabu barreessuu ilaalchisee, barattoota 40 keessaa barattoota 12(30%) qofatu keeyyata qindoomina gaarii qabu barreesse.Warreen hafan barattoonni 28(70%) keeyyata qindoomina qabu barreessuu irratti hanqina guddaa qabu.Danbaliin yaadaa barreeffama isaanii gidduu jiru wal buusaadha. Fakkeenya keeyyata tokkummaa, walqabannaafi qindoomina yaadaa hin qabnee keessaa kan**B8** barreeffame haa ilaalluu:

**Faayidaa fi Miidhaa Tv ilaaluu**

> *Odeeffannoo adda adaa argachuu yoo barbanne wantoota akka tv, radiyo, internet hordofu ni dandenya. Isaan kessaa tv baay'ee barbaachisa. Yoo tv ilaalle oduu haara argina, sirba adda adaa ilaallaa. Ani fakkenyaaf fiilmii garagaraa ilaluu jaaladha. Yeroo hunda akuma hojii mana koo fixeen osoon fiilmii ilalle natti tola, garuu matiin koo naaf hin eeyyaman. Haa ta'uu malee kitaabas nan dubbisa. Tv ilaalun ijaa namaa irra dhiibaa fida. Yoo yeroo bayee tv ilaale hoji manas hin hojannu, mataan nama dhukuba. Walumaagalatti tv yeroo dheeraa ilaalu irra kitaba dubbisuufi hojii manaa barressuu waya.*

Akkuma ragaalee armaan olii irraa mul'atutti, barattoonni hedduun keeyyata tokkummaa, wal qabannaafi qindoomina hin qabne barreessaa turan.Kun immoo,

dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti gufuu guddaa akka ta'aa ture mul'isa.

### 4.1.6. Xiinxala Sirnaan Qubeessanii Barreessuu

Rakkoo qubeessuu barattootaa madaaluuf qorattuun keeyyata barattoonni 40 barreessan gadi fageenyaan yeroo dheeraa kennuufiidhaan qaaccessitee jirti.Keeyyatoota 40 barreeffaman keessaa barattoota 6(15%) qofatu sirnaan qubeessee barreesse.Barattoonni 34(85%) rakkoo qubeessuu qabu. Baay'een isaanii, keeyyanni isaan barreessan akkuma jirutti dogoggora qubeessuutiin kan guutameedha. Muraasni isaanii garuu, jechoota tokko tokko irratti qofa dogoggora qabu. Fakkeenya keeyyata dogoggora qubeessuu qabu keessaa kan **B14fi B37**wal duraa duubaan barreessan haa ilaalluu:

**Faayidaa Mana Kitaabaa**

*Mani barumsa keenyaa mana kitaaba bal'aa qaba. Mani kitaabichaa kan argamu gaamoo afrafaa irratti. Achi keessa kitabile hedduutu jira.Baratooni kenyaa yeroo boqonaa isaanii achitti dubisuu. Yeroo qormanni gahu barattooni ni baay'atu. Baratooni calisanii waan dubbisaniif siritti nama gala. Faayidaan isaa inni gudaan kana.Walumagalati mana kitabati fayyadamuun gaariidha.*

***Faayidaa Moobayilii Fayyadamuu***

*Mobaayilli fayidaa bay'ee qaba.Tokkoffaa namootaa waliin dubbattuuf nu fayyada.Radiyoo dhaggeefachuuf nu gargaara. Sirbaafi faruu adda adda dhaggeefachuun ni bashanana. Namooni bay'een facebook fi internat fa'a fayyadamuun barumsa irraa argatu.Akkuma waliigalaatti mobayilii fayyadamuun waani gaariidha.*

Keeyyattoota armaan olitti barreeffame keessatti dogoggora qubeessuu uumameefi haala itti sirratee barreeffamuu qabu.

#### 4.1.6.1. Gabatee dogoggora qubeessuu barattootaa agarsiisu

| T.L | Dogoggora uumame | Sirratee yommuu barreeffamu | T.L | Dogoggora uumame | Sirratee yommuu barreeffamu |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Mani | Manni | 14. | Namaa | nama |
| 2. | Barumsa | Barumsaa | 15. | Gudaan | guddaan |
| 4. | Keenyaa | Keenya | 16. | Walumagalati | walumaagalatti |
| 5. | Kitaaba | Kitaabaa | 17. | Kitabati | kitaabaatti |
| 6. | Gaamoo | Gamoo | 18. | bay’ee | baay’ee |
| 7. | Arfafaa | Arfaffaa | 19. | Namootaa | namoota |
| 8. | Kitabile | Kitaabilee | 20. | Dubbattuuf | dubbatuuf |
| 9. | Baratooni | Barattoonni | 21. | radiyoo | raadiyoo |
| 10. | Boqona | Boqonnaa | 22. | Dhaggeefachuuf | dhaggeeffachuuf |
| 11. | Dubisu | Dubbisuu | 23. | Faruu | faaruu |
| 12. | Qormanni | Qormaanni | 24. | Adda | addaa |
| 13. | Calisanii | Callisaan | 25. | Bashanana | bashannanaa |

Akka ragaan kun agarsiisutti bakka sagaleen dheerachuu qabutti gabaabsuun, bakka gabaabbachuu qabutti immoo dheeressuun, bakka laafuu qabutti jabeessuun, bakka jabaachuu qabutti laaffisuun dogoggoraan barreeffamuu isaa agarsiisa. Barattoonni dogoggora kanaafi kana fakkaatan qaban hedduudha.Gabaabumatti, kana irraa kan hubannu, barattoota muraasa irraan kan hafe hundi isaanii rakkoo sirreessanii qubeessuu qabaachuu isaaniiti. Kanaafuu, dogoggoraan qubeessuun rakkoo ijoofi guddaa ta’uu ragaan kun ifaan ifatti nutti agarsiisee jira.

### 4.1.7. Fayyadama Sirna Tuqaaleefi Qub-guddeessaa

Sirni tuqaaleefi qubguddeessaan barreeffama kamiinuuu keessatti iddoo haafura itti fudhannuufi jalqabbiifi xumura yaadaa waan nutti agarsiisuuf sirnaan fayyadamuun barbaachisaadha.Sirna tuqaalee fayyadamuu ilaalchisee, barattoonni 22(55%) baay’ee akka rakkatan barreeffama isaanii irraa hubachuun danda’amee jira.Barattoonni 14(35%) barreeffama isaanii keessatti dogoggora fayyadama sirna tuqaalee hin agarsiifnee.Qubguddeessa sirnaan fayyadamuu ilaalchisee,

barattoonni hedduun isaanii rakkoo qubguddeessaa hin agarsiifne.Barattoonni 13(33%) isaanii haala fayyadama qubee guddaafi xiqqaa addaan baasanii fayyadamuu irratti akka rakkatan ragaan guurame ni agarsiisa. Akka ragaan agarsiisutti, jalqaba himaa caalaa, gidduu himootaa irratti bakka hin barbaachifnetti qubee guddaa fayyadamutu mul'ata.Kunis, rakkoo sirna tuqaaleefi sirna qub-guddeessaa irratti hubannoo gahaa akka hin qabne agarsiisa.

**4.2. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Bargaaffii Barattootaa irraa Sassaabamee**

Qorattuun gaaffilee 1-5 jiran gaaffii bu'uura jalqabaa yookiin tooftaalee barsiisaan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa guddisuuf itti fayyadamu xiinxaluuf kan qopheessiteedha. Ragaan gaaffilee kanneen irraa argame armaan gaditti qaacceffamuun hiikamanii jiru.( Dabalee 2 ilaali).

4.2.1. Gabatee hammamtaa dogoggora barattoonni uuman agarsiisu.

| Lak | Gaaffii | | Baay'ee | Muraasa | Dogoggora hin uumu |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Keeyyata yommuu barreessitu dogoggora hammamii uumuu danda'a jettee yaaddaa? | Lak | 26 | 10 | 4 |
| | | % | 65% | 25% | 10% |

Akka gabatee 4.2.1. irratti agarsiifametti barattoota 40 keessaa 26(65%) yommuu keeyyata barreessan dogoggora baay'ee akka uuman kan amanan yommuu ta'u, barattoonni 10(25%) immoo dogoggora muraasa akka uuman barreessanii jiru. Warreen hafan, barattoonni 4(10%) goonkumaa keeyyata yommuu barreessan dogoggora akka hin uumne raga bahan. Akka ragaa gabatee kana irraa arguun danda'amutti, barattoota muraasa irraa kan hafe, hundi isaanii yommuu keeyyata barreessan dogoggora akka uuman ni amanu. Kun immoo kan agarsiisu, barattoonni yeroma barreessuu eegalan akka dogoggora uuman sammuu isaanii amansiisaniiti jechuudha. Gabaabumatti, haalli kun kallattiidhaan dandeettii isaanii irratti dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.

4.2.2. Gabatee shaakallii keeyyata barreessuu barsiisuu agarsiisuu

| Lak | Gaaffii barattootaaf | | Yeroo hunda | Yeroo baay'ee | Darbee darbee | gonk uma |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Barsiisaan keessan keeyyata barreessuu hammam isin shaakalsiisu? | Lak | 0 | 0 | 38 | 2 |
| | | % | 0 | 0 | 95% | 5% |

Akka gabatee 4.2.2. gaaffii lakkoofsa 2 irratti mul'atutti barattoota 40 keessaa 38(95%) barsiisaan isaanii darbee darbee keeyyata barreessuu akka shaakalsiisu kan ibsan yommuu ta'u, barattoonni 2(5%) goonkuma akka shaakallii godhaa hin turre deebisan. Kanarraa kan hubatamu, barsiisaan akka barbaachisutti shaakalsiisaa kan hin jirre ta'uudha. Barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu isaanii kan ittiin fooyyaffachuu danda'an shaakalliidhaan. Gabaabumatti**,** shaakallii dhabuun barattootaa rakkoo ijoofi isa guddaadha.

4.2.3. Gabatee adeemsa keeyyata barreessuu barsiisuu agarsiisu

| Lak | Gaaffii | | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|---|
| 3. | Barsiisaan keessan osoo keeyyata isa dhumaa hin barreessin, adeemsa gumee qopheessuu irraa kaasee akka barreessuu shaakaltu taasisaa turaniiruu? | La k | 4 | 36 |
| | | % | 10% | 90% |

Akka gabatee 4.2.3.irratti arginutti, odeefkennitoota waliigalaa keessaa namni 4(10%) 'Eeyye' kan jedhee deebise yommuu ta'an 36(90%) isaanii 'lakki' jechuun yaada isaanii kennanii jiru. Akka ragichi mul'isutti, adeemsa gumee qopheessuu irraa eegalee barattoonni akka shaakallii taasisaa hin turre agarsiisa.Kun immoo, dandeettii barattoonni barreessuu irratti qaban akka miidhe agarsiisa.Barattoonni osoo keeyyata sirrii ta'ee barreessuu hin eegalin, duraan dursanii yeroo dheeraa fudhachuun shaakallii bal'aa taasisuu qabu.Kana dhabuun

immoo, barattoonni yaada isaanii akka barbaadanitti akka hin ibsanne taasisee jira.

Gabatee 4.2.4.Bu'a qabeessummaa tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisu agarsiisu.

| Lak | Gaaffii | Lak/ % | Baay'ee | Hamma ta'e | gonkuma |
|---|---|---|---|---|---|
| 4. | Tooftaan barsiisaan keessan fayyadamee keeyyata barreessuu isin shakalsiisu hammam dandeettii barreessuu keetii guddisa? | Lak | 1 | 36 | 3 |
| | | % | 2.5% | 90% | 7.5% |

Akka ragaan gaaffii lakkoofsa 4 irraa funaaname mul'isutti, barattoota 40 keessaa 1(2.5%) 'baay'ee', 36(90%) hamma ta'eefi 3(7.5%) gonkuma jechuun deebii isaanii kennaniiru. Deebii kana irraa kan hubatamu, tooftaan barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisaa jiru sirrii kan hin taaneefi dandeettii waa barreessuu barattootaa ceesisaa akk ahin jirre agarsiisa. Kana irraa kan hubatamu, tooftaan barsiisaan ittiin barsiisaa jiru rakkoo guddaa qabaachuufi sababa rakkichaa ta'uu isaati.

4.2.5. Gabatee gahee barsiisaa keeyyata barreessuu keessatti agrsiisuu

| Lak | Gaaffii | | Baay'ee | Hamma ta'e | gonkuma |
|---|---|---|---|---|---|
| 5. | Barsiisaan keessan keeyyata barreessuu barsiisuu keessatti gahee isaanii hammam bahanii jiru jettee yaadda? | Lak | 3 | 33 | 4 |
| | | % | 7.5% | 82.5 | 10% |

Akka ragaan gabatee 4.2.5.irraa funaaname agarsiisutti, barattoonni 3(7.5%) 'baay'ee' 33(82.5%) 'hamma ta'e' fi 4(10%) 'gonkuma' jechuun yaada isaanii ibsaniiiru. Ragaan kun kan agarsiisu, barsiisaan keeyyata barreessuu barsiisuu

irratti gahee isaa hamma irraa eegamu bahaa kan bahaa hin jirre ta’uudha. Barsiisaan gahee isaa bahuu dhabuun rakkoo ijoo dandeettii waa barreessuu barattootaa miidhaa jiruudha.

**4.2.5. Wantoota Keeyyata Barreessuu Irratti Gufuu Ta’an.**

Gabateen armaan gadii wantoota dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti gufuu ta’an bifa gabaabaa ta’een addaan baasuuf kan qophaa’eedha.

Hub: Lakkoofsonni chaartii keessatti 1-5 dalgee kennaman wantoota gufuu ta’an haala ulfaatina isaatiin 1ffaa-5ffaa tti sadarkeeffamuu agarsiisa.

4.2.6.1. Gabatee wantoota keeyyata barreessuu irratti gufuu ta’an adda baasee agarsiisuuf qophaa’e.

| Lak | Dandeettii keeyyata barreessuu koo irratti wantootni gufuu ta’an: | Lak % | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | hanqina tooftaa barsiisaan fayyadamuun keeyyata barreessuu barsiisuu. | Lak | 38 | 2 | | | |
| | | % | 95% | 5% | | | |
| 7 | hanqina shaakallii daree keessatti taasisan. | Lak | 36 | 3 | 1 | | |
| | | % | 90% | 7.5% | 2.5% | | |
| 8 | hanqina yaada qindeeffachuun keeyyata tokkummaa,qindoominaafi walqabannaa qaban barreessuu dadhabuu. | Lak | 12 | 15 | 7 | 6 | |
| | | % | 30% | 37.5% | 17.5% | 15% | |
| 9 | kaka’umsaafi fedhii dhabuu barattootaa. | Lak | 6 | 5 | 8 | 14 | 2 |
| | | % | 15% | 12.5% | 20% | 35% | 5% |
| 10 | hanqina yeroo kennamuu | Lak | 10 | 9 | 9 | 7 | 5 |
| | | % | 25% | 22.5% | 22.5% | 17% | 12% |
| 11 | duub-deebiin gahaan kennamuu | Lak | 10 | 10 | 9 | 8 | 3 |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | dhabuu. | % | 25% | 25% | 22.5% | 20% | 7.5% |

Akka ragaan gabatee armaan olii mul'isutti, wantootni dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa miidhan karaa barsiisaafi barataas akka jiru haala ulfaatina isaaniitiin 1-5tti sadarkeeffamanii jiru.Dhimmota tarreeffaman keessaa lakkoofsi 6, 10 fi 11 rakkoolee barsiisaan wal-qabatanii jiran yommuu ta'an.Kanneen lakkoofsa 7, 8 fi 9 jalatti tarreeffaman rakkoolee kallattiin barattootaan walqabataniidha.

Akka ragaan lakkoofsa 6 irratti mul'isutti, barattoota 40 keessaa barattoonni 35(88%) rakkoo kana $1^{ffaa}$ irratti kan sadarkeessan yommuu ta'u, barattoonni 5(12%) haala ulfaatina isaatiin $2^{ffaa}$ irra kaa'anii jiru. Haala kanaan ragaan kun kan agarsiisu, rakkoon keeyyata barreessuu dadhabuu barattootaa inni jalaqabaa tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisaa jiruudha. Akka as irraa hubatamutti, barsiisaan carraa keeyyata barreessuu barattootaaf kennuudhaan kan hin barsiifne ta'uu isaati.

Akka gaaffii lakkoofsa 7 irratti agarsiifametti, barattoota gaafataman hunda keessaa 36(90%) $1^{ffaa}$, 3(7.5%) $2^{ffaa}$ fi 1(2.5%) $3^{ffaa}$jechuun akkaataa ulfaatina isaaniitiin sadarkeessanii jiru. Ragaan kun kan nutti mul'isu, barattoonni daree keessatti shaakallii gahaa taasisaa akka hin jirre nutti mul'isa. Kana jechuun barsiisaan carraa shaakallii taasisuu barattootaaf kennaa akka hin turre nutti mul'isa.Barattoonnis shaakallii keeyyata barreessuu hamma barbaadamu akka taasisaa hin turreagarsiisa.Walumaagalatti, barsiisaan barattootaaf carraa dandeettii keeyyata barreessuu isaanii fooyyessuuf irra deddeebiin daree keessatti shaakalsiisuu dhabuun rakkoo ijoo isa $2^{ffaa}$ akka ta'e agarsiisa.Namni kamiiyyuu waa barreessuu hin shakalu taanaan rakkoo uumus adda baasee beekuu hin danda'u waan ta'eef, bakka rakkoo isaa/ishee baree of sirreessuu irratti heddu rakkata.

Ragaan lakkoofsa 8 irraa sassaabame kan mul'isu, barattoota 40 gaafataman keessaa barattoonni 12(30%), 15(37.5%), 7(17.5%) fi 6(15%) 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa, fi 4ffaa jechuun haaluma tartiiba isaaniitiin sadarkeessanii jiru. Kana irraa kan hubatamu, barattoonni harka walakkaa ol ta'an rakkoo yaada qindeeffachuun waa barreessuu irratti akka rakkatan agarsiisa. Akka gabaticha irraa hubannutti, rakkoon yaada qindeeffachuun keeyyata barreessuu barattootaas rakkoo tokko akka ta'e nutti mul'isa.Akka ragichi mu'isutti, barattoonni muraasni immoo, rakkoo kana akka ulfaataa ta'etti hin ilaalan.

Akka lakkoofsa 9 irraa hubachuu dandeenyutti, barattoota 40 keessaa barattoonni 6(15%), 5(12.5%), 8(20%), 14(35%) fi 2(5%) jechuun haala rakkoo inni uumuu danda'uun 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa fi 5ffaa jechuun haaluma tartiiba isaaniitiin kaa'anii jiru. Kana irraa kan hubatamu, barattoonni walakkaa ol ta'an rakkoo kaka'umsaafi fedhiin isaan keeyyata barreessuuf qaban gad'aanaa akka ta'eedha. Barattoonni walakkaa gadi ta'an  immoo, rakkoo kaka'umsaafi fedhii keeyyata barreessuu irratti rakkoo akka hin qabneefi keeyyata barreessutti irratti ka'umsa akka qaban lafa kaa'anii jiru. Gabaabumatti, cuunfaan ragaa kanaa, kaka'umsaafi fedhii keeyyata barreessuu dhabuun barattootaa dhiibbaa mataa isaa fidee akka jiru nutti mul'isa.

Lakkoofsa 10 irraa ragaan sassaabame kan agarsiisu, barattoota 40 keessaa barattoonni 10(25%), 9(22.5%), 9(22.5%), 7(17.5%), fi 5(12.5%) jechuun akkatuma ulfaatina isaaniitiin 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa fi 5ffaa jechuun tartiibuma eerameen sadarkeessanii ka'anii jiru. Akka ragaan kun agarsiisutti, barattoonni baay'een keeyyata yommuu barreessan, hanqinni yeroo keeyyaticha barreessuuf kennamuu dandeettii isaanii irrattii dhiibbaa akka fidaa ture deebisan. Yeroon kenname gahaa miti yoo ta'e, barattoonni yaada isaanii akka barbaadanitti ibsachuufis ta'ee, yaada barreessan keessa deebi'anii sirreessuuf ni rakkatu. Kanaafuu, yeroon keeyyata shaakalsiisuufis ta'ee barreessisuuf kennamu rakkoo cimaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Haata'uu malee, barattoonni muraasni yeroon kennamu hamma kana dhiibbaa akka irraan hin geenye eeru.

Gaaffii isaa dhumaa irraa ragaan sassaabame akka mul'sutti, barattoota 40 deebii kennan keessaa barattoonni 10(25%), 10(25%), 9(22.5%), 8(20%) fi 3(7.5%) jechuun haaluma ulfaatina isaatiin 1ffaa, 2ffaa, 3ffaa, 4ffaa fi 5ffaa tartibuma gubbatti eerameen sadarkeessanii jiru. Kun kan agarsiisu duub-deebiin barsiisaan kennu dandeettii waa barreessuu isaanii irratti dhiibbaa fiduu isaati. Haala barattoonni sadarkeessaniin yommuu ilaallu, barsiisaan keeyyata barattoonni barreessaniif duub-deebii gahaa kennaa kan hin jirre ta'uu isaati. Kanaafuu, duub-deebiin gahaan kennamuu dhabuun rakkoolee ijoo isa sadaffaa ta'uun bira gahamee jira.

Walumaagalatti, akka ragaan armaan olitti qaacceffame agarsiisutti, rakkooleen ijoon keeyyata barreessuu barattootaa irratti gufuu ta'an tokkoffaan shaakallii gahaa dhabuu barattootaa, lammaffaa hanqina tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisuu fi inni sadaffaan duub-deebiin kennamu gahaa ta'uu dhabuudha.Rakkooleen biroos haaluma kanaan wal duraa duubaan sadarkeeffamanii jiru.

Ragaan gaaffilee banaa lama (12 fi 13) irraa sassaabame erga xiinxalameen booda haala armaan gadii kanaan qaacceffamee jira.(Maxxannee 2 ilaali).

Gaaffiin 12ffaa rakkoo keeyyata barreessuu keessatti barattoonni uuman irratti hubannoo isaanii ilaaluufi hammam ofii isaaniitii rakkoo isaanii tarreessuu danda'u kan jedhu addaan baasuuf kan qophaa'eedha. As irratti barattoonni hedduun yaada wal fakkaaatu kaa'anii jiru. Rakkoolee barattoonni deebisan keessaa ijoon: rakkoo qubeessuu, hima ijoo, himoota gargaartuu fi hima goolabaa addaan baasuun barreessuu, rakkoo tokkummaa, wal qabannaa, wal ta'iinsaafi qindoominaan yaada isaanii ibsachuu irratti rakkoo akka qaban lafa kaa'anii jiru. Barattoonni muraasni rakkoo hanqina yaada qindeeffachuu, sirna tuqaalee fi qubguddeessaa fayyadamuu fa'a akka rakkoo ijootti ibsanii jiru. Fakkeenyaaf, barataan B11 yaada armaan gadii kana kennee jira:

> *Ani yeron keeyyata barresu rakkolee ijoo na mudatan jedhee yaadu kanneen akka sirnaan qubesuu dhabuu, hima ijoofi hima goolaba*

*barreessuu dadhabuufi keeyyata tokkumaafi qindomina qabu barreesu hindandaa'u.*

Gaaffiin 13[ffaan] rakkoolee uumamaniif falli maal akka ta'e irratti yaada akka kennaniif kan dhiyaate yommu ta'u, yaada isaanii karaa garagaraatiin ibsanii jiru. Qorattuun yaadolee kennaman erga xiinxalaniin booda, deebii wal fakkaatan gara tokkotti fiduuf yaalanii jiru. Barattoonni baay'een rakkoolee kanneeniif fala jedhanii kan kaa'an barsiisaan barattoota akka shaakalsiisuu qabu, barattoonnis kaka'umsaafi fedhiin hordofuu akka qaban, barsiisaan barataaf carraa keeyyata barreessuu kennuu akka qabuufi keeyyanni yommuu barreeffamu yeroon gahaan kennamuu akka qabu akka yaada furmaataatti ibsanii jiru. Akka barattoonni muraasni jedhanitti, barsiisaan akkuma kitaaba barataa irra jirutti isaan barsiisuu akka qabuufi akkuma caasluga garagaraa barsiisuuf xiyyeeffannoon kennamu, barreessuu barsiisuufis akka kennamuu qabu yaada isaanii kaa'anii jiru. Fakkeenyaaf, B25 akka jedhutti:

*Rakkoo nuti umnu kanen hambisuuf barsiisaan sirritti irratti xiyyefatee barsisu qaba.Baratanis fedhii godhatee siritti barattuu qaba.Barsisaan sirritti nu shakalsiisu qaba.Sa'aatin gahaan baressuuf kenamuu qaba.Yoo barresinee xumure barsisaan deebii sirrii nuu kennu qaba.Baratoonni baressuu sodatuu hin qaban.Yoo dogoggoranilee sodaachuu hin qaban.*

## 4.4. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Daawwannaa Daree irraa Argame

**Gabatee 4.4.1. Ragaa Daawwannaa Daree irraa Argame**

| Lak | Qabxiilee irratti daawwannaan gaggeeffame | Koodii barsiisaa | Guyyaa 1 | | Guyyaa 2 | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Eeyyee | Lakki | Eeyyee | Lakki |
| 1. | Barsiisichi haala karoora isaatiin keeyyata barreessuu barsiisee jiraa? | B/saa 1 | √ | | √ | |
| | | B/saa 2 | √ | | √ | |
| | | B/saa 3 | √ | | √ | |
| | | B/saa 4 | √ | | √ | |
| | | B/saa 5 | √ | | √ | |
| 2. | Barsiisichi qajeelfama, kaayyoofi galma barattoota isaatti agarsiisee jiraa? | B/saa 1 | √ | | | √ |
| | | B/saa 2 | | √ | | √ |
| | | B/saa 3 | | √ | | √ |
| | | B/saa 4 | √ | | √ | |
| | | B/saa 5 | | √ | | √ |
| 3. | Barsiisichi barattootni dandeettii keeyyata barreessuu isaanii akka guddifatan jajjabeessanii jiruu? | B/saa 1 | √ | | | √ |
| | | B/saa 2 | | √ | | √ |
| | | B/saa 3 | | √ | √ | |
| | | B/saa 4 | | √ | √ | |
| | | B/saa 5 | | √ | | √ |
| 4. | Keeyyata osoo barreessuu hin eegalin ajajaafi adeemsa keessa darbamuu qabu barattootatti himee jiraa? | B/saa 1 | √ | | | √ |
| | | B/saa 2 | | √ | | √ |
| | | B/saa 3 | | √ | √ | |
| | | B/saa 4 | √ | | √ | |
| | | B/saa 5 | | √ | | √ |
| 5. | Tooftaan barsiisichi ittiin keeyyata barreessuu barsiisu barattoota hunda qixa tokkoon dandeettii isaanii fooyyessuuf ni gargaaraa? | B/saa 1 | | √ | | √ |
| | | B/saa 2 | | √ | | √ |
| | | B/saa 3 | √ | | √ | |
| | | B/saa 4 | √ | | | √ |
| | | B/saa 5 | | √ | √ | |
| 6. | Yeroon barsiisichi keeyyata barreessuu shakalsiisuuf kenne gahaadhaa? | B/saa 1 | √ | | √ | |
| | | B/saa 2 | √ | | | √ |
| | | B/saa 3 | | √ | | √ |
| | | B/saa 4 | | √ | | √ |
| | | B/saa 5 | | √ | | √ |

Hub: B/saa 1= Barsiisaa 1 B/saa 2 = Barsiisaa 2 B/saa 3= Barsiisaa 3

B/saa4= Barsiisaa 4     B/saa5= Barsiisaa 5

Haala qabatamaa daree keessaa daawwachuuf, qorattuun gaaffilee unka daawwannaa ittiin guutamu kan mataa ishee qopheessuun guyyota lamaaf daree filataman sadan daawwatanii jiru.  Ragaan karaa kanaan sassaabame tokkoo tokkoon erga qaacceffameen booda hiikni itti kennamuun haala gadii kanaan taa'ee jira.

Akka ragichi mul'isutti, barsiisonni hunduu yeroo daawwannaan gaggeeffamu sanatti barattoota keeyyata barreessuu barsiisaa turan.Barsiisaan tokko keeyyata wal jala fuudhamuun barreeffame qopheessuun erga hireefii booda, akka isaan ofii isaaniitii sirreessan gochaa ture. Keeyyata yommuu barreessuu barsiisan, barsiisonni lama qajeelfama, kaayyoofi galma barannoo guyyaa sanaa seeraan barattootaaf ifa hin goone. Kun immoo, barattoonni maaliif akka barreessan hin beekan taanaan fedhii, kaka'umsaafi galma deemaniif hin beekan waan ta'eef, barreessuuf akka rakkatan mul'isa.

Tooftaan barsiisonni fayyadamanii keeyyata barreessuu barsiisan kan barattoota giddu hin galeeffanneedha. Barsiisonni lama akkuma daree seenaniin mata duree barattoonni irratti barreessan gabatee irratti barreessuun, mata dureewwan kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata tokko tokko akka barreessan ajaja dabarsan. Yeroon isaan keeyyata barreessuuf kennan daqiiqaa 20-25 ture. Keeyyata sarara meeqa qabuufi qabxii qabaachuufi dhiisuu isaa wanti ifa ta'e hin jiru.Yoo bareechanii barreessan maal akka badhaafamaniifi yoo ta'uu dhiise maal akka dhaban wanti ifa ta'e hin jiru.Kun immoo, kallattiin dandeettiifi fedhii barattoonni barreessuuf qaban irratti dhiibbaa guddaa uumaa turuu nutti agarsiisa.

Keeyyata barreessuu shaakalsiisuuf yeroon barsiisonni kennan gahaa hin turre. Daqiiqaa 20-30 keessatti barattoonni keeyyata bareedaa ta'e barreessanii gulaalanii xumuruu hin danda'an waan ta'eef, yeroon kenname gahaa ta'uu dhabuun dhiibbaa mataa isaa uumaa akka ture kan nutti agarsiisuudha.

Gabaabumatti, kaayyoofi galma barannoo guyyaa sanaabarattootaaf ifa gochuu irratti, tooftaa barattoota si'aayinaan hirmaachisu fayyadamuun barsiisuu irratti,

yeroo gahaa kennuufii dhabuufi barattoota kakaasuu dhiisuun barsiisota baay'ee biratti akka rakkoolee ijootti daawwanna kana irraa argachuun danda'amee jira.

## 4.5. Xiinxalaafi Hiika Ragaa Afgaaffii Barsiisotaaf Qophaa'e irraa Funaaname

Odeeffannoo karaa bar-gaaffiitiin barattoota irraa sassaabame dhugummaa isaa mirkaneessuuf barsiisota irraas gaaffilee barattootaaf qophaa'een kan wal fakkaatu dhiyeessuun ragaan funaanamee jira. Ragaaleen funaanaman kunneenis gadi fageenyaan erga xiinxalamaniin booda hiikni itti laatamee jira.Barsiisota irraa ragaa sassaabachuuf afgaaffii 8 qopheessuun ragaan funaaname haalaan qaaccessuun hiikni itti kennameera.(Dabalee 3 ilaali).

Gaaffiin inni jalqabaa, sababoota ijoo keeyyata barreessuu rakkisaa taasisan hedduu akka jiru barsiisonni yaada isaanii ibsanii jiru.Yaada isaan ibsan keessaa barsiisonni arfanuu yaada walitti dhiyaatu kaa'an. Akka isaan jedhanitti, sababoonni ijoon gufuu ta'an keessaa muraasni: yeroon gahaan kennamuu dhabuu, fakkeenyaaf gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf torbanitti wayitii 2-3 qofti kennamuufii, shaakalliin gahaan dhabamuu, keeyyata tokko tokkoon sororsuun rakkisaa ta'uu, barattoonni fedhii dhabuu, tooftaa barsiisonni fayyadamuun barreessuu barsiisan boodatti hafaa ta'uu, baay'ina barattoota daree keessaafi kkf tarreessan. Fakkeenyaaf: B/saa3:-

> *Akka yaada dhuunfaa kootti, rakkooleen ijoon keeyyata barreessuu irratti gufuu ta'an jedhee ani yaadu keessaa muraasni hanqinna shaakallii gahaa dhabuu, kaka'umsaafi fedhii dhabuu barattootaa, yeroon kenname barreessuu barsiisuuf gahaa ta'uu dhabuu, tooftaan nuti barsiisonni fayyadamnus yeroo wajjiin kan hin deemne ta'uudha.*

Gaaffiin inni 2ffaa waa'ee carraa keeyyata barreessuu barattootaaf daree keessatti kennamuu ilaalchisee hammam akka shaakalsiisaa turan kan agarsiisuudha. Yaada kana irratti barsiisonni yaada garagaraa kennaa turan.Barsiisonni lama yaada walitti dhiyaatu kennanii jiru.Akka isaan jedhanitti, darbee darbee carraa keeyyata barreessuu akka kennaniidha.Sababni isaan kaa'an immoo, yeroon

kenname gahaa miti waan ta’eefiidha.Barsiisaan tokko akka jedhutti, dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf yeroo baay’ee yaalii akka taasisaa tureedha. Haata’uu malee, yeroon kenname gahaa ta’uu dhabuu irraan kan ka’e kitaaba barataa yeroo kenname keessatti xumuruun akka itti cime ibse. Waan baay’ee erga taasiseen booda abdii kutuun dhiisuu isaa ibse.

Kanarraa kan hubannu, barattootaaf carraan keeyyata barreessuu gahaan kennamaa akka hin turre agarsiisa. Dhimmi hanqina yerootiin wal qabate irra deddeebiin ka’ee jira.Kun immoo, kallattiin rakkoo keeyyata barreessuu dadhabuu kana akka hammeessaa ture mul’isa.

Gaaffiin 3[ffaa] fedhiifi kaka’umsa barattoonni keeyyata barreessuu irratti qaban maal akka fakkaatu beekuuf barsiisotaaf kan dhiyaateedha. Gaaffii kanaaf barsiisoonni yaada walitti dhiyaatu kennanii jiru.Akka isaan jedhanitti, barattoonni harki caalaan akka fedha keeyyata barreessuu hin qabne dubbatan. Barattoonni tokko tokko gonkumaa barreessuu fedha kan hin qabneefi yoo barreessuun dirqama ta’es daree keessatti osoo hin taane akka hojii manaatti fudhatanii galuu filatu jedhan. Akka isaan jedhanitti, barattoonni lakkoofsaan muraasa ta’an barreessuu shaakaluuf akka fedha qaban ibsanii jiru.

Yaada kana irraa kan hubatuun danda’amu, fedhiin barattoonni keeyyata barreessuuf qaban gad aanaa ta’uun dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa akka fide nutti agarsiisa.

Gaaffiin 4[ffaa] tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisuuf fayyadamu maal akka fakkaatu beekuufi hammam bu’a qabeessa akka ta’e baruuf kan dhiyaateedha. Barsiisonni sadi akka jedhanitti, sababa hanqina yeroo irraan ka’e tooftaa barataa giddu galeeffate fayyadamuuf waan rakkataniif, bifa od-ibsaan barsiisuuf akka dirqamaman dubbatu.Dabaluunis, daree keessatti shaakalsiisuufis ta’ee, duub-deebii kennuuf waan rakkataniif, akka hojii manaatti kennuu akka filatan deebisan.Barsiisaan inni tokko immoo, hamma danda’u hundaan barattoonni daree keessatti akka shaakalan taasisaa turuu isaa dubbata.Haata’uu malee, barattoonni hubannoo gahaafi fedhii waan hin qabneefi

yeroon shaakalsisuuf kennames gahaa miti waan ta'eef, akka baay'ee rakkachaa ture ibsu.

As irraa kan ilaaluun danda'amu, sababoota adda addaa irraa kan ka'e barsiisonni keeyyata barsiisuuf tooftaan isaan fayyadamaa turan kan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa guddisu akka hin taanee agarsiisa. Hanga barsiisaan gahee isaa irraa eegamu hin baanetti, dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuun hin yaadamu. Kanaafuu, kun rakkoo guddaa akka ta'e nutti mul'isa.

Gaaffiin 5ffaa irratti barsiisaan dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa guddisuuf hammam gahee isaa bahaa jira waan jedhu addaan baasuuf kan gaafatameedha.  Yaada kana irratti barsiisonni sadi gahee isaanii hamma barbaadamu akka bahaa hin jirre dubbatan. Akka isaan jedhanitti barattoonni yommuu akka barreessan ajajaman muuxannoo barreessuu waan hin qabneef ni dhiphatu, ni jeequ, osoma yaada isaanii hin qindeeffatin yeroon kenname dhuma. Kun immoo, akka barbaannetti barsiisuuf nu rakkisaa turee jira jedhu.Barsiisaan tokko immoo, gahee isaa bahuuf baay'ee akka yaalaa ture ibsa.Ta'us jedha barsiisichi, barattoonni dafanii waan nuffaniif, yommuu waa barreessaa jedhaman gammachuu hin agarsiisan jedhan. Adeemsi kun immoo, dhimmota qormaata biyyoolessaa irra dhufuu danda'an biroo kanneen akka seerlugaa, dubbisuu, dubbii qoolaa, dhaam jecha garagaraa hamma barbaadame barsiisuu akka hin dandeenye dubbatu.

Ragaa kana irraa kan hubatamuun danda'amu, barsiisonni gahee isaanii bahaa akka hin jirre nutti mul'isa. Kanaafuu, gahee isaanii bahuu dadhabuun barsiisotaa rakkoo ijoo dandeettii barattootaa miidhaa jiru ta'uu bira gahamee jira.

Gaaffiin inni 6ffaa yeroon keeyyata barreessuu shaakalsiisuuf kenname gahaa ta'uufi dhisuu adda baasuuf kan dhiyaateedha. Qabxii kana irratti barsiisonni hundinuu yeroon barressuu barsiisuuf kenname gahaa akka hin sagalee tokkoon irratti walii galan. Fakkeenyaaf, B/saa 2:

> *Dhugaa dubbachuuf, yeroon barreessuu barsiisuuf kenname gahaa jechuu dhiisii osoo wayitii barsiifnu keessaa walakkaa isaaf kenninees gahaa*

*miti.Kanaafuu, dhimmi kunxiyyeeffannoo guddaa argachuu kan qabu waan ta'eef, qofatti yeroon kennamuufii qaba.*

Ragaa olitti guurame kana irraa kan argannu, yeroon keyyata barreessuu barsiisuuf kenname gonkuma gahaa kan hin taane ta'uudha. Gabaabumatti, yeroon gahaan kennamuu dhabuun rakkoo ijoo dandeettii barressuu barattootaa miidhaa jiru ta'uu isaati.

Qabxiin 7ffaa kun barsiisaan keeyyata barattoonni barreessan irratti hammam duubdeebii akka kennu beekuuf kan dhiyaateedha. Akka barsiisoonni jedhanitti, darbanii darbanii akka duubdeebii akka kennaniidha. Duubdeebii keeyyata barreeffamee tokko kan barattoota 80 kennuuf yoo xiqqaate torbaan lamaaf isaa oli akka itti fudhatu dubbatu. Dhimmoonni irratti ilaalamu heddu waan ta'eef rakkisaa ta'uu himu.Akka barsiisaan tokko jedhetti, yeroo tokko tokko akkasumatti qabxiin akka kennamuufi gonkumaa duubdeebiin yeroon itti hin kennamne akka jiru ragaa bahaa. Kana irraa guduunfuun kan danda'amu, duubdeebiin yeroon kennamuu dhabamuun fedhiifi kaka'umsa barattootaa irratti dhiibbaa guddaa fidaa turuu isaati.

Qabxiin inni dhumaa rakkoolee mudatan maqsuuf maaltu fala akka ta'e adda baasuuf kan dhiyaateedha. Barsiisonni rakkinnicha furuuf fala jedhanii kan kaa'an keessaa isaan ijoon yeroon gahaan barreessuu shaakalsiisuuf kennamuu, barataaf hubannoo gahaa kennuu, barsiisaan dandeettii barreessuu barattootaa fooyyessuuf waan godhuu qabu hunda akka godhuu qabuufi barattoonnis dogoggora sodaachuu dhiisanii barreessuu dareefi dareen alattis shaakaluu akka qaban lafa kaa'anii jiru.

# BOQONNAA 5: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. CUUNFAA

Qorannoon kun ‘Qaaccessarakkoolee barattoonni keeyyata barreessuu irratti uumaniifi wantoota gufuu ta’an yommuu ta’u, iddoon qorannoon kun itti gaggeeffame ‘Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Kutaa 10ffaa bara 2013 A.L.H. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan ‘Rakkoolee barattoonni keeyyata barreessuu irratti uuman addaan baasuu, sababoota ijoo isaanii qaaccessuudha. Kaayyoo qorannichaa milkaa’aa gochuuf, gaaffilee bu’uuraa qorannoon kun deebisuu danda’u afur qopheessuun qorannichi gaggeeffamee jira. Biyyi tokko dorgomaa ta’uuf, lammiin baratee ergaa isaa bifa qindaa’aa ta’een, waan sammuu isaa keessa jiru waraqaa irratti qubsiisuu yoo danda’eedha.Kana gochuuf immoo, barataan har’uma irraa kaasee jecha irraa hanga barreeffama dheeraa barreessuutti bifa qindaa’aa ta’een barreessuu qaba.Kanaaf sadarkaa kana irratti barataan Afaan Oromootiin keeyyata sirnaan qubeeffameefi qindaa’e barreessuun mirga ta’uuyyuu dirqamas waan of keessaa qabu fakkaata.

Qorannoo kana milkaa’aa gochuuf qorattuun, mala makaa(mixed method) fayyadamtee jirti. Malli kun mala hammamtaafi mala akkamtaa of keessaa waan qabuuf raga karaa lamaniin hiikuuf ni gargaara. Ragaa funaanuudhaaf karaalee afur kanneen akka: qormaata keeyyata barreessuu, bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisaafi daawwannaa daree fa’a fayyadamtee jirti. Qorattuun qormaata keeyyata irraa barattoonni rakkoo akkamii akka uumuu danda’an addaan baasuuf kan dhiyaate yommuu ta’u, bargaaffiin barattootaafi afgaaffiin barsiisaa immoo, sababoota/ maddoota rakkoolee isaan uumanii addaan baasuuf kan dhiyaateedha. Daawwannaa daree irraa kan hubatamu akkaataa barsiisaan keeyyata barreessuu itti barsiisuufi haala barattoonni itti si’aayinaan barataniifi hin baranne addaan baasuudhaaf kan dhiyaateedha.Odeeffannoon sassaabame hundi bifa jechaafi lakkoofsaan qaacceffamuun hiikni itti kenname.

## 5.2. ARGANNOO

Qorattuun ragaalee kallattii adda addaa argaman gad fageenyaan erga qaaccessiteen booda bu’aa qorannichaa haala gadii kanaan keessee jirti.

Akka bu’aan ragaa Qaaccessa Dokumeentii yookiin keeyyata barreeffameirraa sassaabame agarsiisutti, rakkooleen ijoon barattoonni yommuu keeyyata barreessan uuman:

- Sirnaan qubeessuu irratti barattoota muraasa ta’an irraa kan hafe baay’een isaanii dogoggora qubee keeyyata qabu barreessu. Akkasumas, hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa addaan baasanii barreessuu irrattis akka rakkatan ragaan keeyyata isaan barreessan irraa funaaname mul’isee jira.
- Keeyyanni isaan barreessan tokkummaa, wal ta’iinsaaf qindoomina kan hin qabne ta’uu ragichi agarsiisee jira. Keeyyanni baay’een isaanii barreessan kan wal dubbisaa deemuu miti. Walitti hidhannaan qaamolee keeyyataa gidduu jiru hanqina guddaa qaba. Wal qabsiiftuuwwan adda addaa fayyadamuu irrattis hanqina guddatu mul’ataa ture. Dabalataan, sirna tuqaaleefi qubguddeessaa fayyadamuu irratti hanqinni tokko tokko mul’atee jira.

Akka ragaaleenbargaaffii, afgaaffiifi daawwannaa daree irraa sassaabamun qaacceeffaman mul’isanitti, sababoonni hanqinnaalee armaan olitti eeramaniifi bu’a qabeessummaan tooftaa barsiisaan fayyadamee keeyyata barreessuu barsiisu keessaa ijoon:

- Akka ragichi mul’isutti, sababootni barattoonni keeyyata qindaa’aa, tokkummaa, wal ta’iinsa qabuufi sirnaan qubeeffame barreessuuf kanneen akkayeroon keeyyata barreessuu shaakalsiisuuf rakkataniif keessaa ijoon shaakallii gahaa taasisuu dhabuu, hanqina yaada qindeeffachuun ergaa barreeffamaan dabarsuu irratti rakkachuu;Kaka’umsaafi fedhii waa

barreessuun dhabuu barattootaa;hanqina duubdeebiin yeroo isaa eeggate kennamuu dhabuu fa'a akka ta'e bira gahamee jira. Sababoota tokko tokko irraan kan ka'e yeroo keeyyata barreessuu shaakaluu gahaa akka hin arganne ragaan qaacceffame agarsiisee jira.

- Tooftaan barsiisonni fayyadamanii keeyyata barreessuu barsiisaa turankan barattoota giddu hin galeeffanneefi hirmaannaa isaanii hin jajjabeessine ta'uu akka rakkoo guddaatti bira gahamee jira.
- Hanqinnaalee kanneen maqsuuf barsiisaan yeroon isaaf kenname gahaa ta'uu dhabuuyyuu, yeroo boqonnaa qaban irraa wareeguun barattoonni itti amananii fedhii godhachuun akka waan sammuu isaanii keessa jiru bifa qindaa'aafi sirnaan qubeeffameen barreessuu danda'an gochuuf waan danda'an hunda taasisuu akka qabu.

## 5.3. YABOO

Hanqinnaalee olitti eeraman hir'isuuf, yaadni furmaataa argannoo qorannichaa irra dhaabbachuun kaa'ame haala armaan gadii kanaan tarreeffamee jira.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan hanqinnabarattoonni Afaan Oromoo qindeessanii barreessuu irratti qaban sadarkaa mata duree filachuu irraa kaasee hanga barreeffama dheeraa barreessuutti jiru adda baasuun yeroo yeroon shaakalsiisuun dandeettii isaanii fooyyessuu qabu.
- Barattoonnis barsiisaa qofa irratti of gatanii taa'uu osoo hin taane, dogoggora yeroo waa barreessan isaan mudatu adda baafachuun, yeroo yeroon of sirreessaa deemuu qabu. Bakka humna isaaniitii ol ta'etti hiriyyootaafi barsiisota gaafachuun ofii isaaniitii of sirreessaa deemuu danda'uu qabu.
- Barsiisonni yeroo hundaa yeroon kenname gahaa miti jechuun bira darbuu osoo hin taane, abdii kutannaa tokko malee barattoonni irra deddeebiin akka shaakalan taasisuun gaarii ta'a.
- Qaamni dhimmi ilaalu keessattuu warreen sirna barnootaafi kitaaba qopheessanis kutaa gadii irraa kaasanii haala itti barattoonni bareeffama shaakaluu danda'an irratti gadi fageenyaan hojjachuu qabu. Akkasumas, yeroon gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf kenname gahaa miti waan ta'eef qaamni dhimmi ilaalu ilaalcha keessa galchuun fooyyessuu qaba.

# WABII


Addunyaa Barkeessaa.(2011 ). *Akkamtaa.*Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Far East trading press.

Alan Meyers (2005), *Gateways to Academic Writing: Effective Sentences, Paragraphs, and Essays,* (New York: Pearson Education, Inc,)

Alice Oshima and Ann Hogue (1996), *Writing Academic English*, (New York: Addison Wesley Publishing Company.

Atkins, J. et al. .(1998). *Skills Development Methodology*. Part II Addis Ababaa: Addis Ababaa university press.

Brown, H. Douglas (2007), *Principles of Language Learning and Teaching*: Fifth Edition. United States of America: Pearson Education, Inc.

Byrne, D. (1988). *Teaching Writing Skills*. London: Longman Press.

Carrol,J and Willson,W. (1995).*Acts of Teaching.How to Teach Writing*. Teacher Express.

Celce-Murcia,M. (2001). *Teaching English as a second or foreign language (3rd ed).* USA: Heinle & Heinle.

Creswell, J. W., & Plano Clark, V. L. (2011).*Designing and conducting mixed methods research* (2nd ed.). Thousand Oaks, CA: Sage

Cumming, A.(2006). *Goals for academic writing: ESL students and their instructors.Amsterdam*: John Benjamins.

Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*.Far East Trading Plc.

Dula Debela (2017). Factor Affecting the Parctice of Grade 10 Students' paragraph Writing Skills. A case in Miesso Secondary School.Haramaya University.

Ezor, E. & Lewis, J. (1984).*From Paragraph to Essay.A Process for Beginning College Writing.*Jersey City State College. McGraw-Hill Book Company.

Elbow, P. (2000).*Every One Can Write*. New York: oxford university press.

Fedhaa Nagaasaafi Abarraa kaasaayee (1996) "Barnoota Afaan Oromoo Koollejjiif, (Hidhaa Lmmaffaa). Adaamaa, Muummee Afaan Oromoo.

Gammachuu Amanuu (2010) Mata duree ‘Qaaccessa Wantoota Ogummaa Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo irratti dhiibbaa geesisan: Godina Wallaggaa Lixaa mana barumsaa Biiftuu Aayiraa kutaa 10[ffaa]

Geetaachoo Rabbirraa. (2009).*Furtuu.Seer luga Afaan Oromoo kutaafi Finfinnee:* Kuraz International Publishing Enterprise.

Grabe,W.& Kaplan,B..(1996). The theory and Practice of Writing. London and New York:Lo University Press.

Hussen, M. (2015).*Assessing Students’ Paragraph Writing Problems:* The Case of Bedeno Secondary School, Grade 10 English in Focus.*Thesis*.Haramaya University.

Jeremy Harmer (2004), *How to Teach Writing*, (England: Pearson Education Limited.

Johnson, A. P. 2008. *Teaching Reading and Writing: A Guidebook for Tutoring and Remediating*

Kelly, W. (1998). A *guide Better Writing.New York*: Borristol Community college.

Kelly,w. and Lawton. D. .(2006). *Odyssay: from paragraph to essay* (4th ed. Pearson Longman press.

Kumar, R. (2011). *Research methodology: A step-by-step guide for beginners*. London: SAGE

M. Celce and Murcia Elite Olstain (2000), *Discourse and Context in Language Teaching*, (New York: Cambridge University Press.

M.B. Miles and A.M. Huberman (1994).*Qualitative Data Analysis*.(Second edition). London: Sage Publications, Inc.

Marsen Sky. (2003). “*Business writing*”. *Journalism* Author ship.London: Mac millan press.

Mc Whorter, K. .(1997). *The wirteres express* New york Houghton Miffiin Company .

McCrimmon, J.M. .(1963). *Writing with the purpose* Afirst course in college composition (3rded). New York: Houghton Mifflin.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).*Kattaa*: Ogummaa Barreessuu.Finfinnee:Mega printing press.

Oshima, A and Hogue (2006).*Writing academic English*. Pearson Education: Longman

Pincas, A. (1982). *Teaching English Writing*. London: MacMillan.

Raggaasaa Asaffaa. (2009). Mata duree 'Xiinxala Dandeettii Barreessuu Barattoota Kutaa 7ffaa Mana Barumsaa Sadarkaa Tokkoffaa Marsaa Lammaffaa Magaala Gaasaraa.

Raimes, A. (1983). *Techniques in teaching writing*. Oxford, England: University Press.

Reid, J. (1993). *Teaching ESL writing*. Englewood Cliffs, NJ: Prentice-Hall.

Richard Kern (2000), *Literacy and Language Teaching*, (New York: Oxford University Press

Richard, J.C. (1990).*Error Analysis Perspective on language* Acuasition.London longman Group UK Ltd.

Richards, J. C. & Theodore S. Rodgers(2001).*Approaches and Methods in Language Teaching*.Cambridge University Press.

Shanghness, M. (1979).*Errors and Expectations: A Guide for the Teacher of Basic Writing*. TESOL Quarterly, Volume 13, No.3.

Shimallis Laggasaa. (2007)."*Sakatta'a Rakkoolee Afaan Oromootiin Barreessuu*: Waajjiraalee Mootummaa qaban xiinxaluu"AAU:(Kan hin maxxanfamne).

Siisaay Siyyuum. (2008). "Xiinxala wantoota dandeettii barreessuu barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irratti sababa ta'an"AAU: Unpublished.

Tafarii Ayyaanaa. (1998). *New Sytematic Book Series*.Finfinnee: Aste Nega Published.

Toleeraa Tasammaa. (2009). Mata duree, ogummaa bareessuu gabbifachuu keessatti rakkoolee barattoota kutaa 9ffaa mudatan adda baasuu:

Wasanee Bashaa (1996). *Seer-lugaa Afaan Oromoo*.Finfinnee: Far-East Trading press Plc.

Zemach, D. E and Rumisek, L. A. (2005).*Academic Writing: from paragraph to essay*. *MacMillian.*

**DABALEEWWAN**

**Dabalee A**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMA, QORANNOO AFAANOOTA

JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO

OGBARRUUFI FOOKLOORII**.**

**Qormaata Keeyyata Barreessuu**

Tokkoon tokkoo keeyyata barreeffamee hundi isaanii haala cheekliistii qophaa'eetiin xiinxalamuun hanqinnaaleen mul'atan addaan bahuun hiikamuun taa'anii jiru.

**Cheekliistii Keeyyanni Ittiin Qaacceffame**

1. Keeyyatichi barreeffame hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa ni qabaa?
2. Filannoon jechootaa baratichi yaadaa isaa ittiin ibsate ergaa barbaadame bifa dubbisaa gammachisuun ni dabarsaa?
3. Keeyyatichi barreeffame haalaan babal'atee/ guddatee jiraa?
4. Keeyyatichi caas-luga sirrii ta'een barreeffamee jiraa?
5. Keeyyatichi barreeffame tokkummaa, wal-qabannaa, wal-ta'iinsaafi qindoomina ni qabaa?
6. Keeyyatichi barreeffame sirnaan qubeeffamee jiraa?
7. Keeyyaticha barreeffame sirna tuqaaleefi qub-guddeessaa sirrii ta'een barreeffamee jiraa?

## Dabalee B


YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMA, QORANNOO AFAANOOTA

JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO

OGBARRUUFI FOOKLOORII.

**Fakkeenya Muraasa Keeyyattoota Barreeffaman Keessaa**



Kutaa 10D

Faayidaa fi Miidhaa TV ilaaluu

Koodii B8


Odeeffannoo adda adda argachuu yoo barbaanne meeshaalee nidan-
wantoota akka tv, Radiyoo, internet hordofu nidan-
denya. Isaan keessaa tv baay'ee barbaachisa
yoo tv ilaalle oduu haara argina, sirba adda
adda ilaallaa. Ani fakkenyaaf fiilmii gara
garaa ilaaluu jaaladha. Yeroo hunda akkuma
hojii manaakoo fixeen osoon fiilmii ilaalle
nattitola. garuu mat iin koonaaf hineeyya
Haa ta'uu malee kitaabas nan dubbisa.
Tv ilaalun isaa namaa irra dhiibaa fida
yoo yeroo baayee tv ilaale hojii manas hin
hojannu, mataan nama dhukuba. walumaa-
galatti tv yeroo dheeraa ilaalu irra kitaba
dubbisuuti hojii manaa barressuu waya

- dogoggora fubee ssuu fabaachuu
- Tokkumma hinfabu
- wal fabatiinsa hinfabu
- wal-fabsiistuu hinfayyadamne
- keeyyata loma fakkaata


Bu'aa moobayilii fayyadamuu Kutaa 10 G
Kqoddy B26

1. moobayilii waan baay'eef itti fayyadamna. moobayilii namoonni baay'een dhimmoota garaagaraatiif itti fayyadamu. Namni moobayilii qabu tokko abbaa barbaade waliin haasa'uu danda'a, misseejii barreessuu danda'ama. Wantootaa garagaraa irraa dubbisuu nidanda'ama. footoo kaasuu fi sirba adda adda dhageeffachuun ni danda'ama. Sababuma kanaaf, moobayilii namoota walqunnamsiisuun yeroo nu qusata waan ta'eef faayidaa guddaa qaba.

- dogoggora fubee baay'ee qaba
- Sirna tuqaaleetii fi bu guddeessa sirnaan hin fayyadamne
- wal-qabsiistuu seeraan hin fayyadamne
- Himoonni gargaartuu wal irratti rarra'anii hin jiran.




Kutaa 10p

Faayidaa Mana Kitaabaa Fayyadamuu

Kooddii B6

Mana kitaabaa Faayidaa heddu kannen akka beekumsa argachuu, gormaataf gaaffachuu. Kitaabile nama gammachiisan kan akka asoosamaa, odu durii fi seenessoo dubbisuu fa'iif nu fayyadaa. Kitaabileen mana kitaaba keenya keessatti argamaan bay'ee dha. Fakkeenyaaf kitaaba barataa. Kitaabilee dabalataa kanneen akka Afaan Oromoo, Fiiziksii, baayolaajii, keemistirii, Oksfoordii, herrega fa'a, walumaagalatti. Mana kitaabaa keenya, bal'aa lakkaan tarree, barattoota bay'ee si'a tokkoon keessummeessa kanaafuu nammatti tola.

- Hima 13oon itaa miti
- wal qabsiisuu itti hin fayyadamne
- onata dureenssi himni callaan wal hin ibsu.


Koodii B23

Kutaa 10B

Fayi'daafi midhaa TV Ilaalu

Teeleevizinii ilaaluun faayidaale kan akka oduu dhageefachuu, Sirba Ilaalu, barumsa irra argachuuf diraamaafi filmii ilaaluuf nu gargaara. midhaan TV ilaaluu fidu hojii biraa akkan hojjennee nama godha. Ija nama dhukkubsuun. akkan dubbisne nama dhorka. waanuma galati yeroo baasee Teleevizinii ilaaluu gaarii miti

- Qindoomina Yaadaa hinqabu
- walqabsiistuu fayyadamane hinjiru
- Sirna tuqaaleeti qubqudeessi hin eegamne

Faalama Qilleensaa

Kutaa 10 J

Koodii 27

Faalama bakka saditti qoodun ni danda'ama. Isaanis faalama biyyoo, faalama bishaaniifi faalama qilleensaati, Sababoonni Faalama qilleensaa fidaa. Keessaa inni duraa qilleensa Warshaa keessaa bahu fi ciraanu bosonaati. Lafti qarmaamee yoo dheedamee qilleensa ni faala. Xuraa'aa qaraqaraa magaalaa keessaa qadi'inaa dhifamu rakko guddaa fidun danda'a. Gabaabsinee wantoonni akka ciraanu bosonaa aara Warshaa keessaa bahu faala faakeenya qaari ta'u.

- Rakkoo fubeessuu
- Hima goolaban sirnaan hindaffadamne
- Qindoomina Yaada hin qabu

**DABALEE C**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMA, QORANNOO AFAANOOTA JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII.

**Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaate**

Kabajamoo barattoota! Kaayyoon gaaffilee isiniif dhihaate kanaa waa'ee Hanqinnaalee Barattoonni Keeyyata Barreessuu Irratti Qabaniifi Sababoota isaanii adda baasuun fala isaanii eeruuf kan qophaa'eedha.Odeeffannoon dhuga qabeessi isin kennitanis galma gahinsa qorannichaatiif murteessaadha.Iccitiin barataa kamiiyyuu eeggamaa waan ta'eef, shakkii tokko malee hanga danda'ame gaaffilee hundaaf deebii kennuu yaalaa.Gargaarsa keessaniif guddaa galatoomaa!

**Kutaa I. Odeeffannoo dhuunfaa kan barataa.**

Bakka deebiin kee sirrii ta'etti mallattoo**(×)** kaa'i.

1. Umriin kee (waggaa) 13-1617- 1☐fi ol ☐ ☐

2. Koornaayaa DhiI☐ ☐

3. Turtiin kee M/barumsaa kanatti (waggaan) 1 2 3fi ol

**Kutaa 2: Gaaffilee Banaa**

Gaaffilee banaa armaan gadiitiif deebii ni ta'a jettee yaaddu hunda barreessi.

1. Barsiisaan Afaan Oromoo isin barsiisu daree keessatti keeyyata barreessuu isin shakalsiisaa?
2. Ni shaakalsiisa yoo ta'e, hammam shaakalta?
3. Barsiisaan keessan osoo keeyyata isa dhumaa hin barreessin, adeemsa gumee qopheessuu irraa kaasee akka barreessuu shaakaltu taasisaa turaniiruu?
4. Tooftaan barsiisaan keessan fayyadamee keeyyata isin shakalsiisutti hammam gammadda?
5. Barsiisaan keeyyata barreessuu barsiisuu keessatti gahee isaanii hammam bahanii jiru jettee yaadda?

**Kutaa 3: Gaaffilee Cufaa**

Yaadolee armaan gaditti eeraman kanneen keessaa keeyyata yommuu barreessitu warreen gufuu sitti ta'an haala ulfaatina isaaniitiin 1ffaa-5ffaatti sadarkeessi.Lakkoofsa filatte jalatti mallattoo '**X**' godhi.

4.2.6. Gabatee wantoota keeyyata barreessuu irratti gufuu ta'an agarsiisu.

| Lak | Dandeettii keeyyata barreessuu koo irratti wantootni gufuu ta'an: | Lak/ % | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 6 | hanqina tooftaa barsiisaan fayyadamuun keeyyata barreessuu barsiisuu. | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |
| 7 | hanqina shaakallii daree keessatti taasisan. | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |
| 8 | hanqina yaada qindeeffachuu. | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |
| 9 | kaka'umsaafi fedhii dhabuu barattootaa. | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |
| 10 | hanqina yeroo kennamuu | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |
| 11 | duub-deebiin gahaan kennamuu dhabuu. | Lak | | | | | |
| | | % | | | | | |

12. Yeroo carraan keeyyata barreessuu siif kennamu, rakkooleen ijoon ati uumtu maal faa'i akka ta'an tarreessi.

______________________________________________

______________________________________________

13. Rakkoolee uumaman kanneen maqsuuf maal maaltu ta'uu qaba jettee yaadda tarreessi?

______________________________________________

______________________________________________

______________________________________________

**Dabalee -D**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA
KOOLLEEJJII NAMOOMA, QORANNOO AFAANOOTA
JORNAALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO
OGBARRUUFI FOOKLOORII.

**Unka Daawwannaa Daree**

| Lak | Qabxiilee irratti daawwannaan gaggeeffame | Koodii barsiisaa | Guyyaa 1 | | Guyyaa 2 | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Eeyye | Lakki | Eeyye | Lakki |
| 1 | Barsiisichi keeyyata barreessuu barsiisee jiraa? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| | | B/saa 4 | | | | |
| | | B/saa 5 | | | | |
| 2 | Barsiisichi qajeelfama, kaayyoofi galma barattoota isaatti agarsiisee jiraa? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| | | B/saa 4 | | | | |
| | | B/saa 5 | | | | |
| 3 | Barsiisichi barattootni dandeettii keeyyata barreessuu isaanii akka guddifatan ni jajjabeessuu? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| 4 | Keeyyata osoo barreessuu hin eegalin ajajaafi adeemsa keessa darbamuu qabu barattootatti himee jiraa? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| | | B/saa 4 | | | | |
| | | B/saa 5 | | | | |
| 5 | Tooftaan barsiisichi ittiin keeyyata barreessuu barsiisu barattoota hunda qixa tokkoon dandeettii isaanii fooyyessuuf ni gargaaraa? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| | | B/saa 4 | | | | |
| | | B/saa 5 | | | | |
| 6 | Yeroon barsiisichi keeyyata barreessuu shakalsiisuu kenne gahaadhaa? | B/saa 1 | | | | |
| | | B/saa 2 | | | | |
| | | B/saa 3 | | | | |
| | | B/saa 4 | | | | |
| | | B/saa 5 | | | | |

**Dabalee -E**

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMA, QORANNOO AFAANOOTA JORNAALIZIIMIIFI

QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO

OGBARRUUFI FOOKLOORII

**Afgaaffii Barsiisotaaf Qophaa'e**

Kabajamoo barsiisotaa! Adeemsa qorannoo kanaa milkeessuuf odeeffannoo barbaachisaa naaf kennuuf yeroo keessan aarsaa gootanii asitti argamuu keessaniif ulfina guddaa isiniif qaba. Gaaffiileen dhiyaatan kunneen iccitiin kan eeagaman ta'anii, dhimma qorannoo kanaa qofaaf kan oolu waan ta'eef yaaddoo tokko malee akka hirmaattan kabajaan isin gaafadha. Kanatti aansee, gaaffiiwwan kanaa gadiitiif yaada keessan afaaniin akka naaf deebiftan kabajaan isin gaafadha.

**Odeeffannoo Dhuunfaa**

a.Umurii-------------

b.Saala ---------------

c. Sadarkaa barnootaa -------------------------------------

d. Tajaajila --------------------

e. Akaakuu barnoota ittiin leenjite

-ijoo ( majo) _________________-aantee (minor)__________________

1. Barattoonni kee keeyyata yommuu barreessan rakkooleen ijoon isaan uuman maal fa'iidha?
2. Sababoonni rakkoolee kanneenii maal fa'i jettee yaadda? Tarreessi.
3. Barattoota kee keeyyata barreessuu hammam shaakalsiista?
4. Tooftaa akkamii gargaaramuun barattoota kee keeyyata barreessuu barsiisaa jirta? Milkaa'inni isaa hoo maal fakkaata?
5. Dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa cimsuuf gahee barsiisaan tokko bahuu qabu baheen jira jettee yaadda?

6. Feedhiifi kaka’umsa barattoonni kee keeyyata barreessuuf qaban akkamitti ibsita?
7. Yeroon keeyyata barreessuu barsiisuuf kenname gahaadha jettee yaaddaa?
8. Barattoota keetiif keeyyata isaan barreessan irratti duub-deebii hammam gahaa laattaaf?
9. Rakkoolee uumaman maqsuuf falli ta’uu qabu maal fa’i jettee yaadda?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qoraannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta’uu isaafi yaadaawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uukoo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa qorataa ___________________________________

Mallattoo ________________

Guyyaa _________________

Ani ______________________________ barataan kun hojii isaa ofittisuuf dhihaachuu danda’uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa ________________________________

Mallattoo ________________________

Guyyaa __________________________